

سُورَةُ النَّحْلِ
Suuraa Nahgii

*Dura dursoo suuran tun suuratunn ahgli}
je'anti, nahgii jechuun khanniisa jechu',
waan inni kheessatti dubbatameef.

فبل كل شئ هذه هي سورة النحل

*Isiin suuraa makkaati aayata sadeen
boodaa malee sun ta madiina'aatii

وهي مكية الا الآيات الثلاث الأخيرة فهي
مدنية

*Aayaanni isi'ii {128}

وآياتها مائة وثمان وعشرون {١٢٨}

*Lakkooyisi isi'ii kudha jaheessaa {16}

وترتيبها {١٦}

*Isiin eega suuratulkahfiitii buute

نزلت بعد سورة الكهف

*Jalqabni maqaa Rabbii nama qananiisutii
,Ormi kuffaaraa azaaba tursiifannaan, azaa-
bni nutti bu'u hin jiru je'anii, Rabbiin aayata
tana buusee akki je'een;

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

*Guyyaan qiyaama'aa dhufee, karaa jiraa,
dhiyaatee,

أَنِّي أَمْرُ اللَّهِ

*Hin jarjarsiifatinaa, inni dhufan ooluu,

فَلَا تَسْتَعْجِلْهُ

*Rabbiin waan isaan hin malle hundarraa
qulqullu'u,

سُبْحَانَهُ

1} *Rabbiin waan kuffaarri itti qindeessurraa
ol taye.

وَتَعَلَىٰ عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿١﴾

*Rabbiin malaaykaa ni buusa, inni jibriilii ,

يُنزِلُ الْمَلَكَةَ

*Ruuhgiidhan, yookaa qur'aanan erga yoo-
kaa buusa,

بِالرُّوحِ

*Fedhii isaatin,

مِنْ أَمْرِهِ

*Gabrootan isarraa, nama fedherratti buusa,
isaan anbiyootaa yookaa ergamootaa ,

عَلَىٰ مَنْ يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ

*Wanni isaanirratti buufnuf, kuffaara azaa-
ban sodaachisaa, ammallee beysisaa

أَن نَّذِرُوا

*Ana malee Rabbiin biraa hin jiruu,

أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا أَنَا

2} *Na sodaadha'aa azaaba kiyya sodadha'aa
natti amanaa jechuu, akka barsiisaniif jibriil
anbiyootatti erginee, diinaa barsiifna.

فَاتَّقُونَ ﴿٢﴾

*Rabbiin sami'ii dachii haqaan uume,

خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ بِالْحَقِّ

3} *Rabbiin waan, takkaa asnaama, taabota, kuffaarri itti qindeessurraa ol taye

تَعَلَىٰ عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿٣﴾

*Rabbiin ilmaan aadam bishaan dudda dhii-ratii bayee, gadaamessa dhala'aa seenurraa uumee, guddisee bakka dhiiratiin gayee,

خَلَقَ الْإِنْسَانَ مِنْ نُطْفَةٍ

4} *Duuba kanuma akkasitti Rabbiin uume

فَإِذَا هُوَ حَاصِمٌ مُّيمِنٌ ﴿٤﴾

saniitu Rabbiin nama du'e, qabri'ii hin kaasu je'ee, Rabbitti moromaa jabduu moroma, mee Rabbiin lafee biyyee taate tana, deebisaa je'ee . Duuba Rabbiin akki je'een; isuma duraan lafee tana waan hin jirrerraa uumetu, ammas deebisee uuma, kun waan Rabbii dachi'ii samii uume , dhibuu miti je'een,

*Rabbiin beyladaa isinii uumee jira {gaalafii hori'iifii, re'ee},

وَالْأَنعَمَ خَلَقَهَا لَكُمْ

*Beyladaa san keessa waan isin oow'isu kan uffattanii,qabbanaan ifirraa deebiftaniitu jira, rifeensa isi'irraa uffata tolfattanii,

فِيهَا رِيفٌ

*Ammallee bu'aa, yookaa faaydaa heddu'uutu beyladaa keessa isiniif jira, hortee horii isinii heddommeysu'uufii, aananiifii, yaabb-i'itu isiniif keessa jira,

وَمَنْفَعٌ

5} *Ammallee beylada'arraa foon nyaattan .

وَمِنْهَا تَأْكُلُونَ ﴿٥﴾

*Ammallee beyladaa keessa, faayatu isiniif jira, bareedumina irraa argattan,

وَلَكُمْ فِيهَا جَمَالٌ

*Hoggaa isiin garaa gugguuttattee, tikarraa galchitaniifii,

حَيْثُ تَرْتَحُونَ

6} *Hoggaa ganama,bakka dheeddutti bobbaaftanillee, kana warra horii qabuutu beeka.

وَحِينَ تَسْرَحُونَ ﴿٦﴾

*Ammallee ba'aa isinii ba'atti,

وَتَحْمِلُ أُنْفُسَكُمْ

*Gara biyya fagoo ,isin dhaquu hin dandeenyetti, odoo wanni akka gaalaa, tan itti rarttan jiraatuu baattee,

إِلَىٰ بَلَدٍ لَّمْ تَكُونُوا بِلَاغِيهِ

*Yoo cinqii guddo'oon taate malee, dhaquu hin dandeenye,

إِلَّا بِشِقِّ الْأَنْفُسِ

7} *Rabbiin keessan isiniif naya, kan waan kana isinii uume, ammallee rahgmata isinii godha, kan isii isinii laaffise.

إِنَّ رَبَّكُمْ لَرَّءُوفٌ رَّحِيمٌ ﴿٧﴾

*Ammallee Rabbiin, fardaafii, gaange'eefii
,harree uumee jira,

*Akka hoggaa diida deemtaniifii, hoggaa
biyya jirtanillee yaabbattaniif jecha,

*ammallee akka,waan kanaan, boontaniif
jecha,

8} *Rabbiin waan isinii tolu,. kan isin hin
beyne hedduu uuma, kan nama dingu

*Karaa qajeelaa namaa ibsuun Rabbirra
jirtii,

*Karaan gariin, kan qajeello'orraa meeqatu
jira,

*Rabbiin odoo, karaa diriiraa, isin qajeelchuu
fedhee

9} *Silaa hunda keessan karaa diriiraa qajee-

lchaa namni wal dhabu hin jiru, haa tayuu Rabbiin garii ni qajeelcha, yoo inni qajeelloo filate, ammoo garii ni jallisa yoo inni jallina filate, mana jannataatiffii mana ibiddallee guutu'uu jecha .

*Rabbiin isa ibaadduu haqa godhatu, isa rooba
sami'ii buuse,

*Kan rooba sanirraa dhuydan,

*Ammas muka sababaa roobatiin mayruutu
jira,

10} *Kan horiin keessan keessa tiyfattan.

*Rabbiin rooba saniin, midhaan isinii
magarsa,

*Ammallee zeytuunafii, timiraafii inaba isin-
iif magarsa,

*Ammallee waan midhaan mukaa taye hun-
darraa rooba saniin waa isiniif magarsa,

*Waan dubbanne san keessa ragaa tokkum-
maa Rabbiitiffii, dandeytii isaatitu jira

11} *Warra waan Rabbiin uume laalee itti
amanuuf.

*Rabbiin halkaniifii, guyyaa ,adu'uufii , ji'a
,uumee isiniif laaffisee, akka itti fayyadamtan

وَالْحَيْلِ وَالْبِغَالِ وَالْحَمِيرِ

لِتَرْكَبُوهَا

وَزِينَةً

وَيَخْلُقُ مَا لَا تَعْلَمُونَ ﴿٨﴾

وَعَلَى اللَّهِ قَصْدُ السَّبِيلِ

وَمِنْهَا جَائِرٌ

وَلَوْ شَاءَ

لَهَدَيْكُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٩﴾

هُوَ الَّذِي أَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

لَكُمْ مِنْهُ شَرَابٌ

وَمِنْهُ شَجَرٌ

فِيهِ تُسْمِئُونَ ﴿١٠﴾ يُنْبِتُ

لَكُمْ بِهِ الزَّرْعَ

وَالزَّيْتُونَ وَالنَّخِيلَ وَالْأَعْنَابَ

وَمِنْ كُلِّ الثَّمَرَاتِ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَةً

لِقَوْمٍ يَنْفَكُونَ ﴿١١﴾

وَسَخَّرَ لَكُمْ الَّيْلَ وَالنَّهَارَ وَالشَّمْسَ

isiniu godhe,

*Ammallee urjii uumee, isinii laaffisee ,akka itti fayyadamtan isinii godhe, kan urjiin hundi karaa isi'ii keessa deemtu, takkaa falaka isi'ii keessa deemtu,

12}*Waan dubbanne san keessa ragaa tokkummaa Rabbiitifii dandeytii isaatitu jira warra ayli'in laalee waan Rabbiin uume kaanaan gorfamee amanuuf.

*Ammas Rabbiin waan lafa tanarratti yookaa keessatti uume, isinii laaffisee jira ,waan lafarra yaa'ufii waan mayru hunda,

*Kan bifti isaa wal dhadhabdu ,diiminaafii, gurraachominaafii, daalachoominaafii, magarrumma'aan,

13}*Waan san uumu'uufii, wal dhadhabsiisuu keessa, ragaa iimaanatiitu jira, warra itti yaadee gorfamuuf.

*Rabbiin isa bahara uumee , isinii laaffisee,

*Akka baharirraa, foon haarawa nyaattan, sun qurxummi'ii,

*Ammallee akka baharirraa faaya uffattan kan akka lu'lu'aa, murjaanaa,faa baafattaniif,

*Safiinaa ni agarta ,

*Tan bishaan bahara dhooftuu keessa deemtu, tan takka as deemtee,takka achi deemtu, qilleensuma tokkoon,

*Ammallee wanni Rabbiin bahara uumef, akka karaa isaatin deemtani, naggadaan rizqii Rabbii barbaaddattaniifi,

14}*Wanni kana hunda Rabbiin isinii kenneef akka galata isaaf galchitaniifi.

*Rabbiin dachii uumeti gaara keessa dhadhaabe,

*Akka dachiin isiniin hin sossoonef jecha

*Ammallee lagootii hedduu, akka niil nuti

وَالْقَمَرَ

وَالنَّجُومِ مَسْحَرَاتٍ بِأَمْرِهِ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لآيَاتٍ لِّقَوْمٍ يَعْقِلُونَ ﴿١٢﴾

وَمَا ذَرَأَ لَكُمْ فِي الْأَرْضِ

مُخْتَلِفًا أَلْوَانُهُ

إِنَّ فِي ذَلِكَ لآيَةً لِّقَوْمٍ

يَذَكَّرُونَ ﴿١٣﴾

وَهُوَ الَّذِي سَخَّرَ الْبَحْرَ

لِتَأْكُلُوا مِنْهُ لَحْمًا طَرِيًّا

وَتَسْتَخْرِجُوا مِنْهُ حَبْلَةً تَلْبَسُونَهَا

وَتَرَى الْفُلْكَ

مَوَاحِرَ فِيهِ

وَلِتَبْتَغُوا مِنْ فَضْلِهِ

وَلَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿١٤﴾

وَالْقَى فِي الْأَرْضِ رَوْسًا

أَنْ تَمِيدَ بِكُمْ

وَأَنْهَرًا

abbayya jennuun, kan akka furaat, kan akka hawaash, kan akka waabe'ee, laga arbaa ,raammis, ganaanaa, shaayyaa, dhidheessaa ,baaroo, akkasuma lagoota biyyoota addunya'aa hunda keessa jiru hunda Rabbiin uume , akka irraa dhu-ydaniif obbaafattaniif jecha,

*Ammas Rabbiin karaa hedduu lafarratti uume,

وَسَبِيلًا

15} *Akka karaa saniin, bakka feetanitti qajeeltanii deemtaniif.

لَعَلَّكُمْ تَهْتَدُونَ ﴿١٥﴾

*Alaamaa yookaa asxaa, kara'atti nama qajeelchituun, tan akka gaaraa yoo guyyaa taate,

وَعَلَّمْتِ

*Kan akka urji'iitin yoo halkan taate,

وَبِالنَّجْمِ

16} *Isaan kara'atti, yookaa qibla`atti qajeelan ,kana hunda Rabbiitu isinii uumee ,akkamiin taabota waan uumame Rabbitti qindeessitanii gabbartan.

هُمْ يَهْتَدُونَ ﴿١٦﴾

*Si namni waa uumu, sun Rabbii,

أَفَمَنْ يَخْلُقُ

*Akka namni waan uumnetii, sun sanamaa , yookaa taabotaa, yookaa waan isaan gabbaran hundaa? akka tokkoo miti jechuu,

كَمَنْ لَا يَخْلُقُ

17} *Si akkana yaadattanii, beytanii hin amantanii.

أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ﴿١٧﴾

*Nikgmaa Rabbii qananii isaa , odo lakkoo-

وَأَنْ تَعُدُّوا نِعْمَةَ اللَّهِ لَا تُحْصُوهَا

yneti fin'aadhaa kaatanii lakkooytanii fixuu hin dandeessan, galata isi'ii galchitanii fixuu dhiisii, niggmaan yookaa qananiin Rabbii tan asitti isinii dubbanne akeekkaa waan isii duuba jiruuti, tan akka ayli'ii, gurraa, ijaa, faa,

18} *Rabbiin kan namaaf araamee, rahgmata namaaf godhu, kan niggmata qananii isinii kennu, odo isin itti balleessitanuu, kan isinirraa hin murre.

إِنَّ اللَّهَ لَغَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿١٨﴾

*Rabbiin, waan isin dhoysitanii jettan, takkaa dalaydan, ni beekaa, irraa isin gaafatu'uuf taa'a,

وَاللَّهُ يَعْلَمُ مَا تُسْرُونَ

19} *Akkasuma waan isin dirree baaftanii dalaydanis ni beekaa, irraa isin gaafata.

وَمَا تُعْلِنُونَ ﴿١٩﴾

*Wanni isaan Rabbii achitti ibaaddan, asna-amni, yookaa namni, yookaa jinniin,

وَالَّذِينَ يَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

*Waa takka hin uuman,

لَا يَخْلُقُونَ شَيْئًا

20} *Isaan ni uumaman ni tolfaman, mukaafii, dhaga'aafii, sibiilarraa sawwaraman

وَهُمْ يَخْلُقُونَ ﴿٢٠﴾

*Wanni isin ibaaddan, waan du'aa,

أَمْوَاتٌ

*Waan lubbuu hin qabne,

عِدْرَ أَحْيَاءٍ

*Wanni isin Rabbii achitti gabbartan, sun hin beekan,

وَمَا يَشْعُرُونَ

21} *Yaroo qiyaaman dhuftee, namni qabri'ii

أَيَّانَ يَبْعَثُونَ ﴿٢١﴾

kaafamu, duuba akkamitti waan akkasii ibaaddan? Rabbiin ibaadaa haqa go-dhatu, isa waa uumu, jiraa waa hunda, waan dhufaa jruufii ,kaanillee, beeku malee, hin tayuu?

*Rabbiin keessan, tokkicha waa takka keesatti fakkaataa hin qabne, jiraa waa uumee , waan dhufaa jiru hunda beeku,

إِلَهُكُمْ إِلَهٌ وَاحِدٌ

*Warri aakhira'atti hin amanne,

فَالَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِالْآخِرَةِ

*Qalbiin isaanii, tokkummaa Rabbiitifii dandeytii isaati ehamuu, yookaa qeebaluu diddi

قُلُوبُهُمْ مُنْكَرَةٌ

22} *Isaan aakhira'atti amanu'urraa if guddisan.

وَهُمْ مُسْتَكْبِرُونَ ﴿٢٢﴾ لَا

*Dhuga'aan, wanni naman qabne,

جَرَمٍ

*Rabbiin waa isaan dhuysanii dalaganiifii, waan isaan dirree baasanii dalagan hunda, ni beekhaa jazaa isaanii galchu'uu jiraata,

أَنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ مَا يَسِرُّونَ وَمَا يُعْلِنُونَ

23} *Rabbiin warra iimaanarraa if guddisu, hin jaalatuu, ni qixaaxa .

إِنَّهُ لَا يُحِبُّ الْمُسْتَكْبِرِينَ ﴿٢٣﴾

*Hoggaa orma kuffaaraa saniin, maali wanni Rabbiin keessan Muhammadirratti buuse? itti amanaa je'aniin, isaan kuffaara makkaatifii, warra isaan fakkaatuu,

وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ مَاذَا أَنْزَلَ رَبُّكُمْ

*Wanni isaan, islaamarraa nama dhowu'uu jecha, warra isaan gaafatuun je'an ; wanni Muhammadirratti bu'e,

قَالُوا

24} *Kijiba warra duri je'an , nama jallisu'uu jecha.

أَسْطِيرَ الْأَوْلِيَاءِ ﴿٢٤﴾

*Duuba isaan dilii isaanii guutu'u, kan waa takka irraa hin ir'anne guyyaa qiyaama'aa ba'atu'uu taa'an,

لِيَحْمِلُوا أَوْزَارَهُمْ كَامِلَةً يَوْمَ الْقِيَامَةِ

*Ammallee dilii,yookaa cubbuu, warra jecha

وَمِنْ أَوْزَارِ الَّذِينَ يُضِلُّونَهُمْ بِغَيْرِ عِلْمٍ

isaanitiin odoo dubbii keessa hin barin jallatis waliin,yookaa wajjiin ba'atan, maalif namni nama jallise,dilii nama sanii qixxe'etti wajji qabaa duuba jarri islaamarraa nama dhoowwe, sun, dilii warra isaan jallisanirraa, hanga guyyaa qiyaama'atti argamtu, wajji ba'atan,

25} *Yaa hammeenya waan isaan ba'atanii? sun dilii nama jallisu'utii,dilii isaanitiin wajji .

الْأَسَاءَ مَا يَرْزُقُونَ ﴿٢٥﴾

*Kuffaarri warri isaan dura dabre , dubbii

فَدَمَكَرَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

Rabbii didda'aaf, mala hedduu dhawan, duuba Rabbiin mala isaanii hunda harkatti balleesse, maalif namicha tokkootu, kaafirarraa, kan numuruuz je'amu samii bayeetin, warra sami'iitin lola je'ee, mana wal gubba'aa riqicha, fooqii dheeraa bal'aa jaare, duuba hoggaa inni samii keessa hanga dhuudhuma kum shanii ol fagaatu,

*Rabbiin azaaba mana isaanii sanitti, gama jalaatin yookaa dhaabatiin,ergee, yookaa itti dhufee, qilleensa jabaa itti gad lakkisee, biyyee jalaa qotee dachii seensisee,

فَأَفَاءَ اللَّهُ بَنِيَّ لَهُمْ مِنَ الْقَوَاعِدِ

*Duuba manni sun isaanirra jigee,

فَخَرَّ عَلَيْهِمُ السَّقْفُ مِنْ فَوْقِهِمْ

26} *Akkasitti azaabni Rabbii bakka isaan nutti dhufaa hin eeynerraa isaanii quban qabne itti dhufee, dhuman, takkaa addunyaa tanarraa dhabaman.

وَأَنَّهُمْ الْعَذَابُ مِنْ حَيْثُ لَا يَشْعُرُونَ ﴿٢٦﴾

*Ammoo eegasii guyyaa qiyaama'aa Rabbiin isaan xiqqeessa, ibidda azaabaa isaan seensisu'uun,

ثُمَّ يَوْمَ الْقِيَامَةِ يُخْزِبُهُمْ

*Rabbiin isaan xiqqeessu'uu jecha, karaa ma-laaykaa dubbisu'utinin, wanni isaanin je'u; mee wanni natti qindeessitanii ibaaddan, eesa jira?

وَيَقُولُ أَيْنَ شُرَكَاءِي

*Kanneen isaanii jettanii warra Rabbitti amaneen moromtan, fidaa mee? haa isinii tolanii je'aan, duuba eessaa fidan?

الَّذِينَ كُنْتُمْ تَشْتَقُونَ فِيهِمْ

*Warri beekkomsa qabu anbiya'aafii, warri Rabbitti amane akki je'u yookaa je'e

قَالَ الَّذِينَ أُوْتُوا الْعِلْمَ

*Ar'a guyyaa qiyaama'aa kana, xiqqeenyafii,

إِنَّ الْخِزْيَ الْيَوْمَ

*Azaabni ,

وَالسُّوءَ

27} *Kaafirarraa jira ,isaantu haqa godhata, baga, jechuu isaaniti.

عَلَى الْكَافِرِينَ ﴿٢٧﴾

*Warri xiqqeenyafii, azaaba guyyaa qiyaama'aa haqa godhatu, warra malaaykan lubbuu isaanii fuutu

الَّذِينَ تَنَوَّفَهُمُ الْمَلَائِكَةُ

*Isaanii lubbuu isaanii miidhu, kanneen odoo kufri'irraa hin deebi'in du'anii if miidhan,

ظَلَمَ إِلَى أَنْفُسِهِمْ

*Kanneen hoggaa duuti itti dhufte, islaamayanii harka if kennanii, malaaykaa lubbuu isaanii fuutun ,

فَأَلْقَوْا السَّامِرَ

*Nuti waan hamtuu dalaguu hin turre Rabbitti waa hin qindeessine je'an; duuba malaaykan wanni isaanin jettu;

مَا كُنَّا نَعْمَلُ مِنْ سُوءٍ

*Dhuga'aan Rabbitti kafartanii jirtan,

بَلَىٰ

28} *Rabbiin waan isin dalaydan hunda ni beekha,ar'a jazaa isinii galchaa

إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ بِمَا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٢٨﴾

*Tanaaf jecha, hulaa ibidda azaabaa seenaa, kan zalaalamii keessa teessan,

فَادْخُلُوا أَبْوَابَ جَهَنَّمَ خَالِدِينَ فِيهَا

29} *Yaa hammeenya bakka warri iimaanarraa if guddise galuu, sun ibidda jahannamii.

فَلَيْسَ مَثْوًى الْمُتَكَبِّرِينَ ﴿٢٩﴾

*Warra kufrii sodaatee amaneen, hoggaa je'ame,

❖ وَقِيلَ لِلَّذِينَ اتَّقَوْا

*Maali wanni Rabbiin keessan Muhamma-dirratti buuse, itti amannaa je'aniin,

مَاذَا أَنْزَلَ رَبُّكُمْ

*Wanni isaan je'an, wanni Rabbiin keenya buuse kheyri'i, waan gaari'i, sun,

قَالُوا خَيْرًا

*Warra amanee toleef,

لِلَّذِينَ أَحْسَنُوا

*Addunyaa tanarratti jiruu gaari'iitu jira, kan Rabbiin isaanii kennu,

فِي هَذِهِ الدُّنْيَا حَسَنَةً

*Waan mana aakhira'atti Rabbiin isaanii qopheessetu,sawaaba addunya'arratti argatani-rraa isaanii caala,

وَلَدَارُ الْآخِرَةِ خَيْرٌ

30} *Manni aakhira'aa, kan warra Rabbi so-daatuf qophaaye, mana gaari'i, sun.

وَلَنِعْمَ دَارُ الْمُتَّقِينَ ﴿٣٠﴾

*Jannata mana teessumaa, kan seenanii keessa taa'an,

*Kan laggeen masnoo isaa keessa gamaa gamana yaa'u,

*Jannata san keessa, waan nabseen isaanii feetu hundaatu isaanif jira,

*Sawaaba akkasiiti ,

31}*Rabbiin warra isa soda'aaf, waan inni itti ajaje dalagee, waan inni irraa dhoowwe dhiisuf kenna.

*Isaan warra malaaykan isaanii, kufri'irraa, ammallee isaanii dilii gurguroodharraa qulqulluudhaa, isaanii gammadu, lubbuu isaanii fuutu takkaa ajjeeftu,

*Jara mu'minaa saniin, hoggaa du'aa ka'an

malaaykan akki jettu; Rabbiin {salaamkgalaykum} isiniin je'a jettee, isaaniratti salaammattee, isaan dabaalti, ammoo guyyaa qiyaama'aa warra Rabbitti amaneen akki je'an ;

*Jannata seenaa,

32}*Sababaa addunya'arratti amantanii, waan gaarii dalaydaniif, akkanatti malaaykan mu'mina, du'aa ka'etti dhuftee ,gammachiiftee ,ruuhgii isaa fuutee, samii baafiti, mu'minni kana eegaa .

*Ammoo kuffaarri addunya'arratti wanni eegu , yookaa afatu hin jiru,

*Yoo malaaykan ruuhgii isaanii fuutu itti dhufuu taate malee,

*Takkaa yoo azaabni Rabbii keetii, yookaa qiyaaman isaanitti dhufuu taate malee, wanni biraa kan eegan hin jiruu itti dhiisi,

*Akkuma kuffaarri ummata keetii si kiji-bsiise,

*Kuffaarri isaan duraatis, anbiyoota kijiibsii-see, balaa itti buufnee, lafarraa isaan fin'e,

*Rabbiin balleessaa malee, isaan fixee isaanitti hin roorrifne,

جَنَّاتٍ عَدْنٍ يَدْخُلُونَهَا

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

لَهُمْ فِيهَا مَا يَشَاءُونَ

كَذَلِكَ

يَجْزِي اللَّهُ الْمُتَّقِينَ ﴿٣١﴾

الَّذِينَ نُوَفِّقُهُمُ الْمَلَائِكَةَ طَيِّبِينَ

يَقُولُونَ سَلَامٌ عَلَيْكُمْ

malaaykan akki jettu; Rabbiin {salaamkgalaykum} isiniin je'a jettee, isaaniratti salaammattee, isaan dabaalti, ammoo guyyaa qiyaama'aa warra Rabbitti amaneen akki je'an ;

*Jannata seenaa,

أَدْخُلُوا الْجَنَّةَ

بِمَا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٣٢﴾

*Ammoo kuffaarri addunya'arratti wanni eegu , yookaa afatu hin jiru,

هَلْ يَنْظُرُونَ

*Yoo malaaykan ruuhgii isaanii fuutu itti dhufuu taate malee,

إِلَّا أَنْ تَأْتِيَهُمُ الْمَلَائِكَةُ

*Takkaa yoo azaabni Rabbii keetii, yookaa qiyaaman isaanitti dhufuu taate malee, wanni biraa kan eegan hin jiruu itti dhiisi,

أَوْ يَأْتِي أَمْرٌ رَيْبِكُ

*Akkuma kuffaarri ummata keetii si kiji-bsiise,

كَذَلِكَ

*Kuffaarri isaan duraatis, anbiyoota kijiibsii-see, balaa itti buufnee, lafarraa isaan fin'e,

فَعَلَّ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

*Rabbiin balleessaa malee, isaan fixee isaanitti hin roorrifne,

وَمَا ظَلَمَهُمُ اللَّهُ

33}*Haa tayuu isaanumaatu waan isaan baalleessu ifitti dalagee.

وَلَكِنْ كَانُوا أَنْفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿٣٣﴾

*Tanaaf jecha jazaan dalagaa isaanii isaan qabee,

فَأَصَابَهُمْ سَيِّئَاتُ مَا عَمِلُوا

34}*Azaabni isaan kijiba jechuu turan itti bu'ee badan .

وَحَاقَ بِهِمْ مَا كَانُوا بِهِ يَسْتَهْزِئُونَ ﴿٣٤﴾

*Warri Rabbitti waa qindeessee, ibaade, akki je'e;

وَقَالَ الَّذِينَ أَشْرَكُوا

*Odoo Rabbiin isaa achitti, waan biraa gabbarruu dhabuu fedhee, silaa isaa achitti waan biraa hin gabbarru nuufii,

لَوْ شَاءَ اللَّهُ مَا عَبَدْنَا مِنْ دُونِهِ مِنْ شَيْءٍ نَحْنُ

*Abbootin teenyalleen, isaa achitti, waan biraa hin ibaaddu, hin gabbartu,

وَلَا آبَاءَنَا

*Ammallee isaa achitti waan haraamessine

وَلَا حَرَمَنَا مِنْ دُونِهِ مِنْ شَيْءٍ

hin haraamessinu, kan akka horii garii waan akka mukaatii godhanii isa nya-atuu yookaa yaabbatuu ifirratti haraameysu'u, duuba akkana jechuun isaanii, nuti isaa achitti waa Rabbi godhannee ibaadun, ammallee waan garii hori'irraa ifirratti haraam godhuun keenya fedhii Rabbiitini, inni nurra jallatee jira, jechuu isaaniti, duuba Rabbiin akki je'e;

*Akkuma kuffaara kanatti ,ormi kuffaaraa kan isaan dura dabre je'e yookaa dalage, Rabbitti waa qindeessanii waan Rabbiin ha-laal godhe, dhoowwama godhanii, ergamoota isaa kijibsiisanii,

كَذَلِكَ فَعَلَ الَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

35}*Si ergamootarra, ergaa geessuu malee

فَهَلْ عَلَى الرُّسُلِ إِلَّا الْبَلَاغُ الْمُبِينُ ﴿٣٥﴾

maaltu jira, ergamoota keenyarra , waa takka hin jiru, yoo waan nuti ummatatti geessaa jenneen, itti geessanii, isaanii ibsuu taate malee, isaan qajeelchun , dirqi'in isaan amansiisun isaanirratti hin jiru, kan iimaana nama keessatti uumu Rabbii tokkichaa ,

*Yaa ergamaa kiyya muhammad akkuma ummata kanatti si ergine, ummata hudatti nama isaan qajeelchu ergine, wanni ergamoonni hundi ummata isaanitiin je'en;

وَلَقَدْ بَعَثْنَا فِي كُلِّ أُمَّةٍ رَسُولًا

*Rabbii keessan ibaadaa, tokkummaa isaa yaadaa,

أَنْ يَعْبُدُوا اللَّهَ

*Sheyxaana ibaadu'urraa fagaadhaa, taabota ibaadu'urraa fagaadhaa je'aniin

وَأَجْتَنِبُوا الطَّاغُوتَ

*Duuba ummata sanirraa,

فَمِنْهُمْ

*Nama Rabbiin qajeelchee amaneetu jira,

مَنْ هَدَى اللَّهُ

*Ammas isaanirraa nama jallinni itti muram-
eetu jira, kan abaduma hin amanne,

وَمِنْهُمْ مَنْ حَقَّتْ عَلَيْهِ الضَّلَالَةُ

*Mee biyyoota ummata sanii deema'aa, ke-
essa dhaqa'aa,

فَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ

36}*Akka boodden warra anbiyoota kijibsi-
isee taate laalaa, akka itti lafarraa isaan fin'e,
agartanii, saniin gorfamtanii, qajeelun keessan
ni khajeelamaa.

فَانظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُكذِبِينَ ﴿٣٦﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad warra
Rabbiin jallina itti mure, nan qajeelcha jettee,
yoo yaaddoyte, yookaa jaatanii goote, qajee-
lchuu hin dandeessuu beeki,

إِنْ تَحَرَّضَ عَلَى هُدًى لَهُمْ

*Maalif ?nama Rabbiin jallise, namni qajee-
lchu hin jiruu, Rabbiin nama jallina itti mure
hin qajeelchuu ,

فَإِنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي مَنْ يُضِلُّ

37}*Ammas warra Rabbiin jalliseef, namni
dirmatee, azaaba Rabbii irraa dhoowwu hin
jiru.

وَمَا لَهُمْ مِنْ نَصِيرَةٍ ﴿٣٧﴾

*Ormi kuffaaraa sun khakuu jabduu Rabbiin
kakatanii,

وَأَقْسَمُوا بِاللَّهِ جَهْدَ أَيْمَانِهِمْ

*Wallaahi Rabbiin, nama du'e, qabri'ii hin
kaasu je'an , duuba Rabbiin isaan kijibsiisee
akki je'e;

لَا يَبْعَثُ اللَّهُ مَنْ يَمُوتُ

*Rabbiin dhuga'aan qabri'ii isaan kaasa waan
isaan addunya'arratti dalaganirraa isaan gaa-
fatu'uu jecha,

بَلَىٰ

*Sun baallama haqaa kan shakkiin keessan
jirre, kan Rabbiin ifirraa kaaye,

وَعَدًا عَلَيْهِ حَقًّا

38}*Haa tayuu irra hedduun namaa akka
kaafaman ifin beekan.

وَلَكِنَّ أَكْثَر النَّاسِ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٨﴾

*Rabbiin wanni warra du'e, guyyaa qiyaa-
ma'aa qabri'ii kaasuf, waan isaan addunya'a-
rratti itti wal dhaban, isaanii ibsee, kan haqa
qabu jannata geessee, kaan azaaba geess-
u'uufi,

لِبَيْنَ لَهُمُ الَّذِي يُخْتَلَفُونَ فِيهِ

39}*Ammas wanni Rabbiin qabri'ii nama kaasuf, akka kuffaari Rabbiin qabri'ii namman kaasu je`u , wanni isaan je`an sun kijiba taate, akka isaan kijiboota tayan if beekani'iifi, kan kijibe qixaaxee, kan dhugaa dubbate nagaya baasee.

*Rabbiin akki je'e;jechi nuti wahiin jennu, yoo waan san argamsiisuu feene,
*Waan argamsiisuu feene saniin,

*Tayi jechu'uu,

40}*Duuba wanni sun numa taati, dalagaan Rabbii jecha, yoo waa argamsiisuu yookaa dhabamsiisuu fedhe.

*Warri diin Rabbii tiysu'uu jecha hijraa baye ,takkaa biyya diin isaa itti miidhamurraa godaane,

*Eega biyya sanitti miidhamanii,warri haqarra hin jirre isaanitti roorrisee,

*Addunyaa tanarratti bakka gaarii isaanii qubsiifna ,

*Ammoo waan aakhira'atti argatu'uu jiraatanu, waan gaarii addunyaa tanarratti argatanirraa, harka meeqaatamiin gudda' yookaa caala

41}*Ormi kuffaaraa sun,odoo beekke, nama islaamaa miidhuu dhiisii, ifumaafuu islaamatti seenan.

*Isaan warra miidhaa,kuffaari isaan miidhuratti obsanii, ammallee waan qaban dhiisani, diinaa islaamaa mul'isu'uuf hijraa bayu'urratti yookaa godaanu'urratti obsan,

42}*Isaan Rabbii isaanirratti irkatan , isaan

nabi Muhammadiifii asaabaa isaatii,Rabbiin isaan tiyseeti, rizqii isaan quban qabne,isaanii kennaaddunya'aafii aakhira'atti, kuffaari warra Rabbi hin beyne, ergamaan Rabbii, malaaykaa taya malee, nama hin tayu jennaan Rabbiin irratti deebisee nabi Muhammadiin akki je'e .

وَلْيَعْلَمِ الَّذِينَ كَفَرُوا أَنَّهُمْ كَانُوا كَذِبِينَ ﴿٣٩﴾

إِنَّمَا قَوْلُنَا لِشَيْءٍ إِذَا أَرَدْنَاهُ

أَن نَقُولَ لَهُ

كُنْ

فَيَكُونُ ﴿٤٠﴾

وَالَّذِينَ هَاجَرُوا فِي اللَّهِ

مِنْ بَعْدِ مَا ظَاهَرُوا

لِنُبَوِّئَهُمْ فِي الدُّنْيَا حَسَنَةً

وَلَا جَزَاءَ لَآخِرَةٍ أَكْبَرُ

لَوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ ﴿٤١﴾

الَّذِينَ صَبَرُوا

وَعَلَىٰ رَبِّهِمْ يَتَوَكَّلُونَ ﴿٤٢﴾

*Ergamoota si dura namatti ergine mara, dhiira namaa, tan diinaa yookaa kitaaba irratti buufne ergina malee, takkaa inuma malaaykaa isaanitti hin erginee,

وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ إِلَّا رِجَالًا نُوْحِي إِلَيْهِمْ

*Warra towraatifii injiil beekhu, gaafadhaa,

فَسَأَلُوا أَهْلَ الذِّكْرِ

43} *Yoo ifii beekuu baattan, isaan akka nuti dhiira namaa malee, malaaykaa hin ergin, ni beekhanii.

إِنْ كُنْتُمْ لَا تَعْلَمُونَ ﴿٤٣﴾

*Dhiira ergine san, mukgjiza'aafii,

بِالْبَيِّنَاتِ

*Kitaaba kennineetifi ,ummata isaanitti ergine,

وَالرُّبْرِ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, qur'aana sirratti buufnee jirra,

وَأَنْزَلْنَا إِلَيْكَ الذِّكْرَ

*Akka namaaf yookaa gabroottan kiyyaaf, waan Rabbirraa isaanii dhufe, haraamifii haalaal addeessituuf qur'aana sirratti buufne,

لِتُبَيِّنَ لِلنَّاسِ مَا نُزِّلَ إِلَيْهِمْ

44} *Akka waan sirratti buufame kana, laalanii gorfamaniif jecha.

وَلَعَلَّهُمْ يَنْفَكِرُونَ ﴿٤٤﴾

*Si warri yaada hamaa, nabi Muhammaditti

أَفَأَمِنَ الَّذِينَ مَكَرُوا السَّيِّئَاتِ

yaade sun, kuffaarri makkaa, kanneen mana {daarunnadwa} je'amu keessatti wal gayanii, Muhammad nu dhibe kana, haa ajjeefnuu, takkaa haa hiinuu, takkaa biyya haa baafnuu, akka diinaa isaa dura dhaabbannuuf je'anii muratan. takkaa warri warra haqaa miidhu'uu mala dhawe hundi ni amananii?

*Rabbiin dachii jala isaan dabarsu`urraa if amananii, akka namicha tokko, kan Rabbitti balleesse, kan qaaruu je'amu, kan ummata muusa'arraa dureessaa isaafii horii isallee ,Rabbiin dachii jala dabarsetti

أَنْ يَحْسِفَ اللَّهُ بِهِمُ الْأَرْضَ

45} *Takkaa balaan Rabbii bakka isaan ifi-

أَوْ يَأْتِيَهُمُ الْعَذَابُ مِنْ حَيْثُ لَا يَشْعُرُونَ ﴿٤٥﴾

rraa hin eeggannerraa isaanitti dhufu'urraa if amananii? duuba akkuma Rabbiin isaanii danboobe, lolli badrii dhufee isaanii ni dhumnaa hin yaadin matootii isaanirraa nam torbaatam, dhume, nam torbaatamis boojiyame.

*Takkaa isaanii naggadaaf biyyaa keessa olii gad deemu, takka gara gaggalu azaabni Rabbii isaanitti bu'urraa if amananii?

أَوْ يَأْخُذَهُمْ فِي تَقْلِبِهِمْ

46} *Isaan azaaba Rabbii jalaa bayuu hin dandayanii, Rabbin dadhabsiisanii.

فَمَا هُمْ بِمُعْجِزِينَ ﴿٤٦﴾

*Takkaa azaabni Rabbii isaanii soda qabu, xiqqo xiqqoon isaanitti bu'ee, lafarraa isaan fixu'urraa if amananii? karaan azaaba Rabbii jalaa bayaniin hin jiru jechu'u, Rabbiin kan waan fedheen taye je'u taatuu,

أَوْ يَأْخُذْهُمْ عَلَىٰ تَخَوُّفٍ

47}*Haa tayuu Rabbiin keessan kan isin dilii

فَإِنَّ رَبَّكُمُ لَرَّءُوفٌ رَّحِيمٌ ﴿٤٧﴾

dalagu'uun wajji isinii nayee, qixaaxa isinirraa booda aansu'uun rahgmata isaanii godhu, silaa akka isin itti balleessitaniin, kan guyyaa tokkoon, lafarraa isin fixuu.

*Si isaan waan gaaddisa qabu, kan Rabbiin uume laalanii hin garree, kan akka mukaa, gaaraa, ,

أَوَلَمْ يَرَوْا إِلَىٰ مَا خَلَقَ اللَّهُ مِنْ شَيْءٍ

*Kan gaadifni isaa jallatu, ganamaa galgala,

يَنْفَعِيهِمْ أَظْلَمَ لَّهُ

*Mirgaaffii bitaa, moggaa lamaan, ganama gama dhiyaa, galgala gama bayaa,

عَنِ الْيَمِينِ وَالشَّمَائِلِ

*Rabbii isa uumef gad je'uudhaa jecha , waan inni uumef tayu'uu jecha,

سُجَّدًا لِلَّهِ

48}*Gaaddisa Rabbii jecha if xiqqeessu kan dubbii Rabbii dhagayu'urraa if hin guddifne.

وَهُمْ دَاخِرُونَ ﴿٤٨﴾

*Wanni samii keessa jiru, kan akka malaay-ka'aatifii, waan biraa hundi Rabbiif sujuuda, yookaa gad je'a,

وَلِلَّهِ سَجْدٌ مَا فِي السَّمَوَاتِ

*Wanni Rabbiin uume, tan dachi`irra dee-

وَمَا فِي الْأَرْضِ مِنْ دَابَّةٍ

mtu hundi Rabbiif gad jetti, waan irraa barbaadamu hin diddu, bishaan yaa'uu hin didu, namni hafuura baafatuu hin didu, sun waan Rabbiin uumefii wanni biraatis akkasi,

*Malaaykan Rabbiin ,dalagaa isi'ii, dachi'irra kaayes, tan nama eeydufii, tan biraatis Rabbiif gad jettii,

وَالْمَلَائِكَةِ

49}*Isaan hundi, ibaadaa Rabbii isaanirraa if hin guddisan.

وَهُمْ لَا يَسْتَكْبِرُونَ ﴿٤٩﴾

*Malaaykonni Rabbii isaanii ni sodatan, isaan humniti Rabbii, humna hundaa olii yaa-dan, takkaa azaabni Rabbii isaan gubba'aa isaanitti bu'uu sodaatan,

يَخَافُونَ رَبَّهُمْ مِنْ فَوْقِهِمْ

50}*Malaaykonni, waan Rabbiin itti isaan ajaje , ni dalagan, akka Rabbiin itti isaan aja-

وَيَفْعَلُونَ مَا يُؤْمَرُونَ ﴿٥٠﴾

jetti.

*Rabbiin wanni gabroottan isaatin je'e; Rabbiin lamaa hin yaadinaa , waan biraa Rabbiitti hin qindeessinaa Rabbiin kees san tokkichaa isa malee, Rabbiin biraa hin jiruu, inni kan fakkaataa hin qabnee, ammas Rabbiin gabroottan isaatin akki je'e;

51}*Anuma azaaba kiyya, sodaadhaa, anuma ibaadaa

*Wanni sami'iifii dachii keessa jiru hun di tan Rabbiiti, isaatu uume, isaatu qaba, isaan gabroottan isaatii, wanni isaanirraa Rabbiitti qixxaayee Rabbi je'amu hin jiru,

*Ibaadan ta Rabbiiti,

*Hoggaa mara,

52}*Si Rabbi isin uume kan waan biraa hunda uume dhiiftaniiti, nama biraa yookaa waan biraa sodaattanii gad jettaniifii? akkana hin dalaginaa.

*Nikgmaan, yookaa wanni isin qabdan hundi , horii tayuu, ilmaan tayuu, fayyaa tayuu, Rabbiirraa isinii dhufte, namni biraa kan waan san isinii kennuu dandayu hin jiru,

*Ammoo yoo eega sanii nikkmaan isinirraa deemtee, rakkoon akka hiyyuma'aa isin tuyxe,

53}*Rabbi tokkichatti iyyattan, isuma yammattan, waan biraatii miti.

*Ammoo yoo eega saniin cinqii yammattaniif, isinirraa deemsisee, bal'oodhatti baatan,

*Gariin keessan,

54}*Rabbi isaanitti waa qindeessan isa dhiisaniiti, waan biraa ibaadan .

*Waan nuti isaanii kennine moromu'uu jecha, galata isaa galchuu didda'aaf,

*Duuba nikkmaa keenyan qanani'aadhaa

❖ وَقَالَ اللَّهُ لَا تَتَّخِذُوا إِلَهَيْنِ اثْنَيْنِ إِنَّمَا هُوَ إِلَهُ
وَاحِدٌ

فَأَنبَىٰ فَارَهِبُونَ ﴿٥١﴾

وَلَهُ مَا فِي السَّمٰوٰتِ وَالْأَرْضِ

وَلَهُ الْاٰلَيْنِ

وَاصْبًا

أَفَغَيْرَ اللَّهِ تُنۢبِتُونَ ﴿٥٢﴾

وَمَا يَكُم مِّن نَّعۢمَةٍ مِّنَ اللَّهِ

تُرَادَا مَسَّكُمْ الضَّرُّ

فَالِيَهُ يَتَّخِرُونَ ﴿٥٣﴾

تُرَادَا كَشَفَ الضَّرَّ عَنْكُم

إِذَا فَرِيقٌ مِّنكُمْ

بِرَبِّهِمْ يُشْرِكُونَ ﴿٥٤﴾

لِيَكْفُرُوا بِمَا أَنۢبَأَهُم

فَتَمَتَّعُوا

waan biraatin Rabbii je'aadhaa gabbaraa,
55}*Badii waan isin dalaydani, qixaaxa isin
 mudatu beekhu'uuf jiraattanii.

فَسَوْفَ تَعْلَمُونَ ﴿٥٥﴾

*Ormi Rabbii beyne, kan taabota ibaadu sun
 ,taaboota nama fayyadu'uufii, nama dararuu
 isaa hin beynef,
 *Qooda kennen,

وَيَجْعَلُونَ لِمَا لَا يَعْلَمُونَ

*Waan nuti isaanii kenninerraa , midhaanifii

نَصِيْبًا

مِمَّا رَزَقْنَاهُمْ

horii, adda qoodaniiti, kun kan Rabbiiti, kun kan taabotaati, yookaa kan jin-
 ni'iiti je'an , Rabbiitu akkanatti nu ajaje je'anii, duuba Rabbiin orma saniin akki
 je'e,

*Wallaahii, yaa orma kuffaaraa, gaafatam-
 u'uuf teessan, guyyaa boruu,

تَاللَّهِ لَنَسْتَأْتِنَّ

56}*Kijiba Rabbiitu akkana dalagaa nuun
 je'e jettanii, Rabbirra keessanirraa gaafatam-
 u'uuf jiraattan

عَمَّا كُنْتُمْ تَفْتُرُونَ ﴿٥٦﴾

*Ammas ormi kuffaaraa sun Rabbiin dubra
 qabaa,dubri isaa malaaykaadhaa je'an , duuba
 Rabbiin akki je'e ;

وَيَجْعَلُونَ لِلَّهِ الْبَنَاتِ

*Rabbiin waan isaan je'anirraa qulqullu`uu

سَبِيْحًا

Rabbiin jaartiidhafii ilmoo qabaatu'urraa qulqullu'uu,namni jaarti'iifii ilmoo
 barbaadu, nama haajan itti jabaatee, Rabbiin tokkicha hin haajamnee,kan gar-
 gaarsifannee, akkamiin dubra qaba je'an, sanumaan wajji, ormi kuffaaraa sun
 dhalaa ifii jibban Rabbiif maqaa dhawan,

57}*Ammoo isaan waan jaalatan ifiin ma-
 qaa dhawan , sun dhiiraa.

وَلَهُمْ مَا يَشْتَهُونَ ﴿٥٧﴾

*Tokkoon isaanii,hoggaa dhala'aan gamma-
 chiifame ,dhalaan dhalatteefii,

وَإِذَا بُشِّرَ أَحَدُهُم بِالْأُنثَىٰ

*Fuulli isaa gara galeeti, dottaatee, gurr-
 aachoma,

ظَلَّ وَجْهَهُ مَسْوَدًّا

58}*Isaa yaanni guute,akkamitti dhalaan naa
 dhalatee, abaluuf intalaatu dhalate je'anii
 dhalaa natti irkisanii'iif, takkaa akkamitti ja-
 artin isaa dhalaa dhalte jecha'aaf.inumaa.

وَهُوَ كَظِيمٌ ﴿٥٨﴾

*Ummatarra dhukata,

*Sababaa hammeenya ,dhalaan isaa dhalat-

يُنَوَّرِي مِنَ الْقَوْمِ مِنْ سُوءِ مَا بُشِّرَ بِهِ

u'utif jecha isaa maaluman godha je'ee
yaaddawu,

*Si intala isaa dhalatte tana, kan hin ajjeefne
dhiisamoo,

أَمْسِكْهُ

*Qaanii,yookaa xiqqeenya, abaluu intala
qaba'aa ba'atee?

عَلَى هُونٍ

*Takkaa xiqqeenya, dhalaa qabaatu`uu jalaa

أَمْرٌ دَسُّهُ فِي التُّرَابِ

bayu'uu jecha,intala isaa dhalatte san, biyyee keessa ruuqa, boola qotee jirtuu
awwaalee, je'eeti kophaa bayee, yaada kana yaada, duuba akkasitti irra hed-
duun arabaa dubra isaanii jirtuu awwaaluu turen, duuba dhalaa akkatti jibban
kana Rabbiif maqaa dhawan,

59} *Firdiin isaan faradan yookaa muran sun
,waa hammaattee, kan dhalaa jibban, Rabbi
qoodanii, ifii dhiira qoodatan

أَلَا سَاءَ مَا يَحْكُمُونَ ﴿٥٩﴾

*Warri aakhira'atti hin amanne, sifa hamtuu
, yookaa haala hamaa qaba, sun dubra
fuudhaf itti haajaman isii hin yakkin, jirtuu
awwaalu'uu

لِلَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِالْآخِرَةِ مَثَلُ السَّوْءِ

*Rabbiin sifa ol taate qaba, sun Rabbiin tok-
kicha ,isaanifii ilmaan isaanittilleen haa-
jamne,

وَلِلَّهِ الْمَثَلُ الْأَعْلَى

60} *Rabbiin kan wahayyuu harka isaa jirtu,
kan dalagaan isaa akka malee hin taane.

وَهُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿٦٠﴾

*Rabbiin odoo warra cubbuu dalage, mara ,
kan dafee qixaaxu tayee,

وَلَوْ يُؤَاخِذُ اللَّهُ النَّاسَ بِظُلْمِهِمْ

*Silaa wanni lubbuu qabaa tan inni lafa
tanarratti dhiisu hin jirtu,

مَا تَرَكَ عَلَيْهَا مِنْ دَابَّةٍ

*Haa tayuu hanga waytiin, takkaa umriin
isaanii, tan isaanif qoode dhumtutti booda
isaan aansa,

وَلَكِنْ يُؤَخِّرُهُمْ إِلَىٰ أَجَلٍ مُّسَمًّى

*Duuba hoggaa umriin isaanii dhumtee, du-
uti isaanii geesse,

فَإِذَا جَاءَ أَجْلُهُمْ

*Saa'aa takkitti du'arraa boodan aanan,

لَا يَسْتَشْخِرُونَ سَاعَةً

61} *Saa'aa sun durallee hin dabran.

وَلَا يَسْتَقْدِمُونَ ﴿٦١﴾

*Ormi kuffaaraa, kan Rabbiin beyne sun

وَيَجْعَلُونَ لِلَّهِ مَا يَكْرَهُونَ

waan ifiin jibban Rabbiin jaalatan, maalif dubra ifii hin jaalanne, Rabbiin jaa-
latan ,ammas, kan ifii odoo namni isaan ergee, namni isaan itti ergaman sun,

isaan xiqqeessuu hin jaalanne, nama Rabbiin isaanitti erge kijibsiisani xiqqe-
essan, ammas kan yoo mootummaa qabaatan, namni biraa mootummaa keess-
atti, isaanitti ida'amuu hin feene, Rabbiif mootummaa isaa keessatti nama biraa
ida'an yookaa shariika godhaniif,

*Ormi kuffaaraa sun, arrabni isaanii waan
kijibaati dubbata, maalif sun,

*Yoo duune, jannata Rabbi biraa arganna,
yookaa waan gaari'itu Rabbi bira, nuuf jira
je'an, duuba Rabbiin akki je'e ;

*Wanni isaan je'an kijiba, dhugaan,

*Isaan, wanni Rabbi biraa qaban, jannataa
mitii, ibidda azaabati,

62} *Isaan jarjaraan, gara ibiddaa dabarfam-
anii, keessatti dhiifaman .

*Rabbiin siif kakadhee,

*Dhugumaan ummata, si dura dabretti, er-
gaa ergine, akka dalagaa hamtuu, isaan itti
jiranirraa, isaan dhoowwanii, karaa gaarii,
karaa Rabbi isaan qajeelchaniif jecha,

*Duuba sheyxaanni dalagaa hamtuu isaan
itti jiran, isaanitti bareechee, itti fufanii, waan
ergamoonni keenya je'uun, dhagayuu didanii
kijibsiisan,

*Ar'a addunyaa tanarratti, waliyyiin isaanii
,namni isaanin deemu, sheyxaanaa , hin
qajeelan,

63} *ammoo aakhira'atti, azaaba isaan laales-
suutu isaan eeggata.

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, qur'aana,
waan biraatii sirratti hin buufne,

*Akka waan namni irratti wal dhaba adda
isaanii baafu'uufi malee, karaa haqaatifii,
kaan addaan isaanii baaftee,

*Ammas wanni qur'aana sirratti buufneef,
haa ummanni isaan qajeelu'uuf,

64} *Akka ammallee ummanni sababaa isatti
amanu'utinin, rahgmata Rabbi argatu'uuf sir-
ratti buufne.

وَنَصِفُ أَلْسِنَتَهُمُ الْكَاذِبَ

أَن لَّهُمُ الْحَسَنُ

لَا جَرَمَ

أَن لَّهُمُ النَّارَ

وَأَنَّهُمْ مُّفْرَطُونَ ﴿٦٢﴾

تَاللَّهِ

لَقَدْ أَرْسَلْنَا إِلَىٰ أُمَمٍ مِّن قَبْلِكَ

فَرَيْنَ لَهُمُ الشَّيْطَانُ أَعْمَالَهُمْ

فَهُوَ وَلِيُّهُمُ الْيَوْمَ

وَلَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٦٣﴾

وَمَا أَنْزَلْنَا عَلَيْكَ الْكِتَابَ

إِلَّا لِتُبَيِّنَ لَهُمُ الَّذِي اخْتَلَفُوا فِيهِ

وَهُدَىٰ

وَرَحْمَةً لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٦٤﴾

*Rabbiin sami'ii rooba buuseti,

وَاللَّهُ أَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

*Dachii jiraachisee, magarsite,

فَأَحْيَا بِهِ الْأَرْضَ

*Eega goggoydee duutee,

بَعْدَ مَوْتِهَا

*Rabbiin dachii goggoyde jiisee waa magarsiisuu, keessa, ragaa Rabbiin guyyaa boruu qabri'ii nama kaasuu'uutu jira,

إِنَّ فِي ذَلِكَ لآيَةً

65} *Warra waan dhagaye qeebaluuf.

لِقَوْمٍ يَسْمَعُونَ ﴿٦٥﴾

*Beyladaa yookaa {gaalafii loonifii, re'ee , hoolaa} keessa waan isaan gorfamtanii, Rabbitti amantaniitu jira,

وَإِنَّ لِكُلِّ فِي الْأَنْعَامِ لَعِبْرَةً

*Mee isinuu laalaa waan garaa beylada'aa keessa jirurraa isin obaafna,

تُسْقِيكُمْ مِمَّا فِي بُطُونِهِ

*Cuma'aafii dhiiga jiddu'uu

مِنْ بَيْنِ فَرْثٍ وَدَمٍ

*Aanan qulqulluu, kan cuma'aafii, dhiigarraa waa takka, foole'eefii, dhandhamalle'een keessa hin jirre qulqulluu isin obaafna,

لَبَنًا خَالِصًا

66} *Kan nama dhugu hin huune.

سَائِعًا لِشَرِبِينَ ﴿٦٦﴾

*Midhaan timiraatifii, inabarraayis, isin obaafna,

وَمِنْ ثَمَرَاتِ النَّخِيلِ وَالْأَعْنَابِ

*Kan midhaan timiraatifii, inabaa, cunfitanii, farshoo godhattan, kun odoo farshoon, haraam hin godhamini,

نَتَّخِذُونَ مِنْهُ سَكَرًا

*Ammallee cunfaa isaan lamaanirraa nyaata gaarii yookaa dhugaatii gaarii akka khalli'ii, zabiibaa dubsii'ii godhattan

وَرِزْقًا حَسَنًا

*Waan dubbanne san keessa,

إِنَّ فِي ذَلِكَ

*Ragaa dandeytii Rabiititu jira,

لآيَةً

67} *Warra aylii qabu, kan waan ayliin jettu qeebaluuf.

لِقَوْمٍ يَعْقِلُونَ ﴿٦٧﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, Rabbiin kee, khanniisa, dalagaa barsiisee, yookaa beysisee, akki je'een;

وَأَوْحَىٰ رَبُّكَ إِلَى النَّحْلِ

*Gaara yookaa goda keessatti, mana jaara-dhuu, keessa gali,

أَنْ اتَّخِذِي مِنَ الْجِبَالِ بُيُوتًا

*Mukarraayis, bakka godhadhuu keessa gali

وَمِنَ الشَّجَرِ

68}*Waan namni sii jaaru, kan akka gaa-guraa, yookaa xaro'ootis, bakka keessa galto godhadhuu qubadhu.

وَمَمَائِعِ شُونَ ﴿٦٨﴾

*Duuba, eega bakka qubattu argattee, waan midhaan, yookaa daraaraa taye, hundarraa waa nyaadhuu,

ثُمَّ كُلِّي مِنْ كُلِّ الثَّمَرَاتِ

*Seenii,

فَأَسْأَلُكَ

*Karaa dalaga'aa kan Rabbiin kee si barsiise, yookaa si qajeelche deemii, rizqii barbaaddadhu,

سُبُلِ رَيْكِ

*Karaa Rabbiin siif laaffise ,kan dhaqaafii, galti, sin dhibne, odoo hangumuu, hammaatee, fagaatelle'ee

ذُلًّا

*Garaa khanniisaa keessaa, dayma dhugantu baya, karaa afaanin, dhaaba keessatti tufu'ootin,

يَخْرُجُ مِنْ بَطُونِهَا شَرَابٌ

*Dayma bifaan wal dhadhabu , akkuma

مُخْتَلِفٌ أَلْوَانُهُ

wanni inni nyaatu bifaan wal dhadhabduun, akka je'aniiti deymi adiin, afaan dardaraatii baya, daalachi, afaan jidduu jireysarraa baya, diiman, afaan dulloota kanniisarraa baya,

*Dayma keessa, dawaadhatu namaaf jira

فِيهِ شِفَاءٌ لِلنَّاسِ

inni yoo niyaan tolte, dawaa dhukuba hundaate, namni biyya gaafa afrika'aa keessatti, dura dursoo dayma akka dhiyanaa godhatee, bakka nyaata biraa buufatee, nyaatu, orma afaan kanaan dubbatu {G O} kanneen kanniisa hor-siisu'uufii gosa kanniisaa beekuu hoonga gayan ,

69}*Kanniisafii, dalagaa isaa keessa ragaa tokkummaa Rabbiitifii dandeytii isaatitu, warra dalagaa Rabbi, ayli'iin laaluf jira, kan iimaanatti isaan yaamu

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَةً لِّقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ ﴿٦٩﴾

*Rabbiin kan isinii hin jirre isin argamsiise yookaa isin uume,

وَاللَّهُ خَلَقَكُمْ

*Rabbiin eega umriin teessan dhumtee, isin ajjeeseti gara isaa isin deebisa,

مِمَّنْ تَنُوفِكُمْ

*Isinirraa nama jiruu addunya'aa tana keessatti, jiruu gadi galo'otti, deebu'uutu jira, dulloomee totorre'ee

وَمِنْكُمْ مَّنْ يَرُدُّ إِلَىٰ أَرْدَالِ الْعُمُرِ

*Hanga waan dur beekhu wallaalutti, qaal-ichi kgikramaa je'amu tokko, akki je'e; nama qur'aana qara'e, totorre'ee haalli isaa hin hammaatu je'e

لَكِي لَا يَعْلَمُ بَعْدَ عِلْمٍ شَيْئًا

*Rabbiin waan uume hunda, akka godhu isumaatu beekha,

إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ

70} *Rabbiin waan fedhe hundarratti dandaya.

قَدِيرٌ ﴿٧٠﴾

*Rabbiin garii keessan ,rizqii keessatti

وَاللَّهُ فَضَّلَ بَعْضَكُمْ عَلَى بَعْضٍ فِي الرِّزْقِ

garii keessanirra caalchisee jira, gaafuma garaa haadhaa seensisee lubbuu itti afuufe yookaa seensise, gaafas abalu umriin isaa hangana, rizqiin isaa hangana, inni warra jannataatin, takkaa warra azaabatiin katabamtee, namni sanirraa maqu hin jiru, tanaaf jecha namni jiruu addunya'aa tana keessatti, wal daddabra, tokko hiyyoomee, tokko duroomee, tokko qabatee, tokko qabatamee,

*Duuba warri Rabbiin mataa godhee takkaa gaafatamaa godhee, rizqii heddommeysef,

فَمَا الَّذِينَ فُضِّلُوا

*Rizqii Rabbiin isaanii kenne san , warra harra isaanii jala jiruuf, kan dabarsan hin taane ,mataa, warra isa jalaa, ifittin qixxeessu, gooftan, gabricha isaa waa hunda keessatti ifittin qixxeessu,

بِرَأْدِي رِزْقِهِمْ عَلَى مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُهُمْ

*Hanga rizqii keessatti wal qixxaatan takka-

فَهُمْ فِيهِ سَوَاءٌ

tti, namni isinirraa akkas jaalatu, gooftan gabricha isaatin qixxaayuu fedhu hin jiruu, duuba akkamitti waan Rabbiin uume, gabroota Rabbii Rabbitti qindeesitanii qixxeessitan?,

71} *Si ormi Rabbin beyne sun, niki gmata Rabbiin isaanii kennerratti, galata isaa galchuu dhiisaniiti waa isatti qindeessanii? Qanani Rabbiitti kafaranii, takkaa moromanii ?

أَفَبِعِزَّةِ اللَّهِ يَجْحَدُونَ ﴿٧١﴾

*Rabbiin lubbuma teessanirraa beera keessan

وَاللَّهُ جَعَلَ لَكُمْ مِنْ أَنْفُسِكُمْ أَزْوَاجًا

isinii uume, hawwaa cinaacha aadamirraa uumee, ammoo dhalaa biraa, bishaan dudda dhiirarraa bayuufii kan laphee dhala'aatii bayee, gadaamessa seenu-rraa uumee,

*Ammallee Rabbiin beera keessanirraa ilmaan keessaniifii, ilmaan ilmaan keessanii isinii uume,

وَجَعَلَ لَكُمْ مِنْ أَزْوَاجِكُمْ بَنِينَ وَحَفَدَةً

*Rabbiin waan gaarii hundarraa waan jiraataniin, isinii kennee jira, kan akka midhaanii,

وَرَزَقَكُمْ مِنَ الطَّيِّبَاتِ

hori'ii, kan uffattaniifii, kan nyaattan
*Si ormi kuffaaraa sun, taabotatti, yookaa mukatti, yookaa namatti, amananiiti kabaj-anii guddisani,

أَفِالْبَاطِلِ يُؤْمِنُونَ

72}*Nikgmaa yookaa waan Rabbiin isaanii kennetti kafaranii, yookaa moromanii, bakka galata isaa galchan , waan biraa isatti qindeessanii? kun balleessaa jabdu.

وَيَنْعَمَتِ اللَّهُ هُمْ يَكْفُرُونَ ﴿٧٢﴾

*Isaan Rabbii achitti gabbaran,

وَيَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

*Waan akka taabotaa, kan rizqii sami'ii isaanii hin buufne,rooba isaanii roobsu'uun,

مَا لَا يَمْلِكُ لَهُمْ رِزْقًا مِنَ السَّمَوَاتِ

*Kan dachi'ii rizqii waa takka isaanii hin baafne, waa isaanii magarsu'uun,

وَالْأَرْضِ شَيْئًا

73}*Waan,waa takka, isaanii godhuu hin dandeenye, Rabbii waa hunda dandayu dhii-sanii gabbaran.

وَلَا يَسْتَطِيعُونَ ﴿٧٣﴾

*Rabbitti waan fakkeessinaa,

فَلَا تَضُرُّوهُ اللَّهُ الْأَمْثَالَ

*Rabbiin,akka fakkaataa hin qabne ni be-ekaa,

إِنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ

74}*Isin hin beytanii.

وَأَنْتُمْ لَا تَعْلَمُونَ ﴿٧٤﴾

*Rabbiin maymaaka yookaa fakkeessaa takka isinii dubbatee,dhagayaa sun maali ?

ضَرَبَ اللَّهُ مَثَلًا

*Gabricha tokko, kan gooftaa qabu,

عَبْدًا أَمْلُوكًا

*Kan homaa waa takka hori'irraa hin qabne ,kan bitee gurguruu hin dandeenyefii,

لَا يَقْدِرُ عَلَى شَيْءٍ

*Namni bilisni yookaa gooftan ,

وَمَنْ

*Rizqii gaarii isaa kennine,

رَزَقْنَاهُ مِنْ آرْزَاقٍ حَسَنًا

*Kan dhoysa'aafii, dirrellee baasee, waa kennu, kan nan deegaa hin sodaanne, gabrichi akka muka humna hin qabne,kan kuffaarri ibaaduti. gooftichi akka Rabbiiti,

فَهُوَ يَنْفِقُ مِنْهُ سِرًّا وَجَهْرًا

*Duuba gabrichi homaa kennu hin dandee-

هَلْ يَسْتَوُونَ

nyefii gooftan waa hunda dandayu, wahi wal qixaa? wal qixaa miti jechu'u, akkasitti taabonni homaan dandeenyefii, Rabbiin waa hunda dandayu wal qixaa miti ,

*Galanni kan Rabbii tokkichaatii,

الْحَمْدُ لِلَّهِ

75} *Irra hedduun isaanii waan aakhira'atti tayuudhaa jiraatan, azaaba isaan mudatu, hin beekhanii, Rabbitti waa qindeessan.

بَلْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٧٥﴾

*Ammas Rabbiin maymaakha biraati fide , sun;

وَضَرَبَ اللَّهُ مَثَلًا

*Dhiira lama, kan tokko duudaa hin dubbanne,

رَجُلَيْنِ أَحَدُهُمَا أَبْكَمٌ

*Kan waa takka dalaguu hin dandeenye, akka barbaadamutti, waan isa beysisu'uufii, inni nama beysisuun hin mijjooynef jecha,

لَا يَقْدِرُ عَلَى شَيْءٍ

*Inni kan ba'aa ulfaattu taye ,

وَهُوَ كَلٌّ

*Nama isarratti takkaa aanaa isarratti ,

عَلَى مَوْلَاهُ

*Bakka namni isa qallabu itti eegu mararraa, waan erganiif dalagee , milkaayee, hin dhufu, kun fakkeessaa kaafiraati, yookaa nama Rabbin beyneti,

أَيْنَمَا يُوَجِّهُهُ لَا يَأْتِ بِخَيْرٍ

*Duuba nama duudaa akkanaatifii,

هَلْ يَسْتَوِي هُوَ

*Namni dubbatu, kan waan gaari'itti nama gorsu,

وَمَنْ يَأْمُرُ بِالْعَدْلِ

76} *Kan ifii karaa qajeela'arraa jiru kun , fakkeessaa mu'minaati, wahi wal qixaa ? wal qixaa miti jechu'u.

وَهُوَ عَلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿٧٦﴾

*Rabbiin waan sami'iifii dachii keessa jiru

وَلِلَّهِ غَيْبُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

kan namarraa fogo'oo hunda beekha, takkaa Rabbiin waan beekkomsa warra sami'iifii dachii keessa jirurraa fago'ooti beekha, sun guyyaa qiyaama'aatifii, waan isa keessa dhufu'uu jiraatuu, kan Rabbi malee namni beekhu hin jirre,

*Qiyaaman gaafa dhaabbatu'uu kaate, hangi isiin itti dhaabbattu, hanga biraatii mitii, hanga liphii, yookaa ijji walitti deebitu takkatti,

وَمَا أَمْرُ السَّاعَةِ إِلَّا كَلَمْحِ الْبَصَرِ

*Takkaa, zamana hangasirra xiqqa'aa keesatti dhaabbatti , maalif ? Rabbiin tayi je'aanii, numa taati,

أَوْ هُوَ أَقْرَبُ

77} *Rabbiin waa hundarratti dandayaa .Rabbiin waan dandeytii isaa mul'isurraa dubbatee akki je'e .

*Rabbiin garaa haadhaa teessanii keessatti isin uumeti achii isin baasee, addunyaa tana dhuftan,

*Isinii waa takka hin beyne,

*Rabbiin dhageytii isinii uumee jira, akka dhageessanii waa barataniif jecha ,

*Akkasuma ija wahiin gartan isinii uume

*Ammas qalbii,onnee, wahiin qabattan, beytan, isinii uume,

78} *Akka waan kanaan waa baratani, waan Rabbiin jaalatu dalaydani galata isaaf galchitaniif .

*Si ormi kuffaaraa sun, waan dandeytii Rabbi isaan garsiisu, waan bararaa laalanii hin arganii?

*Tan laaftu'utti barartu,

*Qilleensa sami'ii keessa,

*Kan hoggaa isiin goflaa, yookaa kooluu

walitti qabatuufii, hoggaa isiin diriirsitu, hoggaa isiin samii keessa dhaabbattu, Rabbi malee, dandeytii isaa malee, wanni isii qabee, kufu'urraa dhoowwu hin jirre,

79} *Waan dubbanne san keessa ragaa dandeytii Rabbi mul'attu'uutu jira, warra haqa dhugo'oomsuf.

*Waan Rabbiin isiniin qananiiserra tokko

naniiserraa tokko, mana keessa galtanii, teessanii, hara baaffattan, isinii uume, yookaa godhe, akka itti jaarattan isin barsiisee, aylii isinii kenneen waan jiraattaniin isinii uume,

*Ammallee gogaa baylada'arraa mana isinii godhe, kan akka dasa'atti, jaarattan, takkaa akka gojjo'otti dhaabbattan,

*Kan dasaa goga'arraa jaarattan san, haffa-

إِنَّ اللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٧٧﴾

وَاللَّهُ أَخْرَجَكُمْ مِنْ بُطُونِ أُمَّهَاتِكُمْ

لَا تَعْلَمُونَ شَيْئًا

وَجَعَلَ لَكُمُ السَّمْعَ

وَالْأَبْصَرَ

وَالْأَفْئِدَةَ

لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٧٨﴾

الْعَيْرِ وَإِلَىٰ الطَّيْرِ

مُسَخَّرَاتٍ

فِي جَوِّ السَّمَاءِ

مَا يَمْسِكُهُنَّ إِلَّا اللَّهُ

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَآيَاتٍ لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٧٩﴾

وَاللَّهُ جَعَلَ لَكُم مِّنْ بُيُوتِكُمْ سَكَنًا

وَجَعَلَ لَكُم مِّنْ جُلُودِ الْأَنْعَامِ بُيُوتًا

تَسْتَخِفُّونَهَا

Ileeffattan , kan ba'aan isaa hin ulfaanne ,
*Guyyaa godaantan,kan buqqiftanii, mana
guutuu, gaalarratti yookaa harre'erratti rara-
atanii deemmataniin

يَوْمَ ظَعْنِكُمْ

*Ammallee kan hoggaa biyya teessan isinitti
hin ulfaanne, kan karaa laafa'aan bakka ta-
kkaarraa takkatti, jirjiirun isinii mijjaawu, kan
dhaabinsaafii buqqisu'uufii ba'atulleen isin
hin dhibne

وَيَوْمَ إِقَامَتِكُمْ

*Rabbiin kan rifeensa hoola'arraa,

وَمِنْ أَصْوَابِهَا

*ammallee rifeensa gaalarraa,

وَأَوْبَارِهَا

*Ammallee rifeensa re'erraa, miya mana ke-
essatti itti fayyadamtan kan uffattaniifii, kan
afattan isinii godhe

وَأَشْعَارِهَا أَثْنَا

80}*Ammallee waan biraa kan karaa biti'ii
gurguraatin itti fayyadamtan, hanga dhumta-
nitti takkaa hanga Rabbiin fedhe, itti qana-
niitan isinii uume.

وَمَتَعًا إِلَىٰ حِينٍ ﴿٨٠﴾

*Rabbiin waan inni uume kan akka manaa,
gaaraa, mukaa, fa'arraa gaadisa isinii uume,

وَاللَّهُ جَعَلَ لَكُمْ مِمَّا خَلَقَ ظِلَالًا

*Ammallee gaarotarraa, goda keessatti waa
dheysitan, Rabbiin isinii uume,

وَجَعَلَ لَكُمْ مِنَ الْجِبَالِ أَكْنَانًا

*Ammallee Rabbiin uffata isinii uume,

وَجَعَلَ لَكُمْ سَرَابِيلَ

*Uffata oow'aafii, qabbana isinirraa deebisu
yookaa eegu ,

تَقِيكُمْ الْحَرَّ

*Ammallee uffata lolaa, kan miya lolaa

وَسَرَابِيلَ تَقِيكُم بَأْسَكُمْ

kan xilaanni isiniin dhawu isinirraa deebisu kan qaama keessan gayuu dho-
owwu, kan akka qamisa sibiilaa, waanta'aafii, kalooytaa sibiilaa, yookaa gog-
a'aa, Rabbiin isinii uume, {ba'sakum} jechuun lola hamaa jechu',

كَذَٰلِكَ يُتِمُّ نِعْمَتَهُ عَلَيْكُمْ

*Akkasitti Rabbiin qanani isaa isinii hed-
dommeysa,

81}*Akka waan Rabbiin isiniin qananiise
kana laaltanii, itti amantanii, waan inni je'u
dhageessanii galata isaaf galchitaniif jecha

لَعَلَّكُمْ تُسْلِمُونَ ﴿٨١﴾

*Duuba yoo odoo kana arganuu, amanuu
didanii islaamarraa gara galan, maalif jarri
kun islaamarraa gara gale je'ee, namni si qa-

فَإِنْ تَوَلَّوْا

bu hin jiruu hin yaaddawin

82} *Maalif? ati wanni sirratti jiru, waan nuti isaanitti geessi jennee si ajajne, isaanitti geessuu qofa, amanuu, amanuu baatanuu, ati waan sirra kaayame ,dalaydee

فَإِنَّمَا عَلَيْكَ الْبَلْعُ الْمَمِينُ ﴿٨٢﴾

*Ormi kuffaaraa warri Rabbii yookaa {wa-aqa} moromu sun, akka niggmaan, yookaa qananiin, isaan keessa jiran Rabbirraa taate, ni beekhan

يَعْرِفُونَ نِعْمَتَ اللَّهِ

*Duuba eeguma beekanii moroman,

ثُمَّ يَنْكُرُونَهَا

83} *Irra hedduun isaanii, warra beeka'aa haqa moromo .

وَأَكْثَرُهُمُ الْكَافِرُونَ ﴿٨٣﴾

*Guyyaa ummata hundarraa nama yoo aman, ragaa isaanii bayu, kan yoo kafaran, ragaa itti bayu finnu, guyyaan sun guyyaa qiy-aama'aatii, ragaan nabiyyii isaanitii, guyyaa san dubbadhu,

وَيَوْمَ نَبْعَثُ مِنْ كُلِّ أُمَّةٍ شَهِيدًا

*Duuba eega nabiyyiin isaanii ragaa bayee, warri kafare, akka maarama barbaadan, izniin isaanii hin godhamu,

ثُمَّ لَا يُؤَدَّبُ لِلَّذِينَ كَفَرُوا

84} *Ammallee deemanii waan Rabbiin jaalatu dalaguun isaanirraa hin barbaadamu, aakhiraan bakka dalaga'aatii mitii

وَلَا هُمْ يُسْتَعْتَبُونَ ﴿٨٤﴾

*Warri kafare hoggaa azaaba ijaan argu

وَإِذَا رَأَى الَّذِينَ ظَلَمُوا الْعَذَابَ

*Azaabni sun, eega seenanii isaanirraa hin laaffifamu,

فَلَا يَخَفُ عَنْهُمْ

85} *Qaaxarolleen isaanii hin qabamtu, azaaba agarraan seenuma malee, waa xiqqo nu afadhaa, jechuun qaban.

وَلَا هُمْ يُنظَرُونَ ﴿٨٥﴾

*Warri Rabbitti waa qindeesse, hoggaa guyyaa qiyaama'aa, fuula Rabbii duratti, warra Rabbitti qindeessan, kan akka sheyxaanaa faa, argan

وَإِذَا رَأَى الَّذِينَ أَشْرَكُوا شَرَكَاءَهُمْ

*Yaa Rabbii keenya,

قَالُوا رَبَّنَا

*Jarri kun, sheyxaanafii, taabonni kun , warra sii achitti ibaaddu turre je'an,

هَؤُلَاءِ شُرَكَائُنَا الَّذِينَ كُنَّا نَدْعُوا مِنْ دُونِكَ

*Duuba warri kuffaarri ibaaddu ture, hoggaa waan kuffaarri je'e dhagayu, jecha isaanii irratti deebisanii akki je'an;

86} *Isin, nuti isin gabbaruu turre, jechuu keessatti warra kijiba dubbatu isin nu gabbaruu hin turree, ni kijibdanii.

*Achitti, warri ibaadeffii warri ibaada malleen Rabbitti harka kennan, dubbii Rabbii, firdii isaa fudhatan,

87} *Wanni isaan, Rabbi je'anii ibaadana, tan nuuf toltii yaadan, if duraa dhaban, kijiba taatee .

*Warri ifii kafaree, nama birallee islaamaarraa dhoowwee kafarsiise,

*Guyyaa qiyaama'aa azaaba azaabarraan

isaanii idaana, azaaba ifii kafaru'utuffii, kan nama kafarsiisu'uu, azaabni ida'amuuf, ciniinsa qeejjabbuu, ilkeen isi'ii akka muka dheeraa timiraati, akka ibnu abbaas je'etti ,

88} *Sababaa isaan islaamarraa nama dhowwu'uun, lafa balleessaniif.

*Guyyaa ummata hunda keessaa ragaa isaanumarraa isaanitti finnu,

*Kan guyyaa san, akka ummata kee kanarratti ragaa baatu si finnu, guyyaa san dubbadhu, inni guyyaa qiyaama'aatii, duuba guyyaa san akkam tayan?

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, kitaaba qur'aanaa sirratti buufnee jirra,

*Kan waan heera shari'aa taye hunda , ibsu gabaabsee, dheeressee,

*Kan haqatti nama qajeelchu,

*Kan warra isatti amaneeff, rahgmata qabu,

89} *Kan warra isatti amanee, waan inni je'utti dalage, jannataan gammachiisu.

*Rabbiin namuufuu haqa isaa kennu`utti

فَالْقَوْلَ إِلَيْهِمُ الْقَوْلَ

إِنَّكُمْ لَكَذِبُونَ ﴿٨٦﴾

وَالْقَوْلَ إِلَى اللَّهِ يَوْمَئِذٍ السَّلَامُ

وَضَلَّ عَنْهُمْ مَا كَانُوا يَفْتَرُونَ ﴿٨٧﴾

الَّذِينَ كَفَرُوا وَصَدُّوا عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

زَدْنَهُمْ عَذَابًا فَوْقَ الْعَذَابِ

بِمَا كَانُوا يَفْسُدُونَ ﴿٨٨﴾

وَيَوْمَ نَبْعَثُ فِي كُلِّ أُمَّةٍ شَهِيدًا عَلَيْهِمْ مِنْ أَنْفُسِهِمْ

وَجِئْنَا بِكَ شَهِيدًا عَلَى هَٰؤُلَاءِ

وَنَزَّلْنَا عَلَيْكَ الْكِتَابَ

بَيِّنَاتٍ لِكُلِّ شَيْءٍ

وَهُدًى

وَرَحْمَةً

وَبَشْرَى لِلْمُسْلِمِينَ ﴿٨٩﴾

﴿٨٩﴾ إِنَّ اللَّهَ يَأْمُرُ بِالْعَدْلِ

ajaja, haqa Rabbii tayuu haqa namaa tayuu hayn'i Rabbii; tokkummaa isaa ya-aduu, hayn'i namaa; nama miidhuu dhiisuu, abbaa haqaatii haqa isaa kennuu,
*Ammaallee tola namaa oolu`utti ajaja

وَالْإِحْسَانَ

takkaa makgnaan isaa; waan itti nama ajaje hunda tolchaniid dalagu', takkaa makgnaan isaa; gabrichi Rabbii hoggaa Rabbii isaa ibaadu, akka waan isa argutti ibaaddu, maalif yoo innilleen arguu baate, Rabbii isaa isa argaa,

*Ammas wanni Rabbiin itti ajaju, warra sitti aanuu, haqa isaanii kennuu, sun rahgima maxxanfatu'uu,

وَأَيُّ ذِي الْقُرْبَىٰ

*Rabbiin heera malee dhala'atti ida'amu'urraa nama dhoowwa,

وَيَنْهَىٰ عَنِ الْفَحْشَاءِ

*Ammallee waan sharii'aan diddu, cubbuu, yookaa dilii hundarraa nama dhoowwa, ku-frii tayuu, waan sanii gadii tayuu

وَالْمُنْكَرِ

*Ammas mataa namatti ol qabanii, if gud-disanii nama miidhu'urraa Rabbiin nama dhoowwa,

وَالْبَغْيِ

*Rabbiin waan itti isin ajajeefii, waan irraa isin dhoowwe saniin, isin gorsa,

يُعِظُكُمْ

90} *Akka, waan irraanfattan, yaadattanii qajeelchataniif jecha, aayanni tun aayata akkaan kheyri'ifii sharrii walitti qabdee, dubbatte, tanaaf khuxbaa jum'aadhaa ta lamm-eyysa'aa isi'iin fixan.

لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٩٠﴾

*Ahdii Rabbiifii rasuula isaatifii namalle'eef guutaa,

وَأَوْفُوا بِعَهْدِ اللَّهِ

*Yoo baallama sharii'aan guutaa jettu, seentan.

إِذَا عَاهَدْتُمْ

*Khakhuu hin diiginaa,

وَلَا تَنْقُضُوا الْأَيْمَانَ

*Eega Rabbiin kakattanii, jabeessitanii,

بَعْدَ تَوْكِيدِهَا

*Rabbii keessan ifirratti ragaa gootanii jirtanii, ni guunna jettanii, isaan kakattanii,

وَقَدْ جَعَلْتُمُ اللَّهَ عَلَيْكُمْ كَفِيلًا

91} *Rabbiin waan isin dalaydan hunda ni beekaa, irraa isin gaafata.

إِنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ مَا تَفْعَلُونَ ﴿٩١﴾

*Akka intala gowwittii takkaa hin tayinaa, tan ganama jibrii footee, yookaa irbitee, galgala diiydu,

وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ نَقَضَتْ غَزْلَهَا

*Eega akkaan jabeessitee, irbitee,

مِنْ بَعْدِ قُوَّةٍ

*Adda babaafu yookaa hiiytu.. isin akka intala sanitti, ganama Rabbiin kakattanii galgala hin diiginaa

أَنْكَاثًا

*Khakhuu teessan, wal dagu'uuf qabattanii ,waan wahiin gantan godhattanii,

نَتَّخِذُونَ أَيْمَانَكُمْ دَخَلًا بَيْنَكُمْ

*Sababaa namni tokko, yookaa tuutti takaa

أَنْ تَكُونَ أُمَّةٌ هِيَ أَرْبَىٰ مِنْ أُمَّةٍ

tuuta taanirraa hedduu taatef, tuuta hedduu sanii jettanii,baallama namaa seentan, hin diiginaa,wanni Rabbiin akkana je'eef; jara islaamaye tokkootu, heddommina qureyshi'ii, kan kuffaaratiifii, humna isaanii arganii,xiqqeenya orma islaamatiifii laafina isaanii agarraan,islaamarraa deebi'uu fedhan, hoggaa san Rabbiin kuffaarri islaamarraa hedduu jettanii hin kafarinaa, yoo tuuta takkaa baallama seentanii, tuuta biraa tan isi'irra guddo'otti galuu feetan, baallama tuuta xiqqoo sanii seentan hin diiginaa je'een

*Rabbiin baallama guutu'utti isin ajaju'uun isin morkora, kan guutufii, kaan, adda baasu'uu jecha,

إِنَّمَا يَبُلُوْكُمْ اللَّهُ بِهِ

*Rabbiin guyyaa qiyaama'aa isinii addeessu'uuf jiraata,

وَلَيَبِيْنَ لَكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

92} *Waan ar'a irratti wal dhabdan, baallama

مَا كُنْتُمْ فِيْهِ تَخْلِفُوْنَ ﴿٩٢﴾

guutu`uufii, guutuu dhabuu keessatti, ammallee waan biraa keessatti, kan haqarra jiruufii, kaan, adda isin fooyee, kan baallama guute, jannata seensisee kan diige azaaba seensisee.

*Rabbiin odoo fedhee, ummata tokko, kan diinaa tokkooti isin godha, sun diinaa islaamatii,

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ لَجَعَلَكُمْ أُمَّةً وَاحِدَةً

*Haa tayuu Rabbiin akkas hin feene, tanaaf jecha nama fedhe, haqarraa jallisa , waan inni, san filataa beekhef

وَلَكِنْ يُضِلُّ مِنْ شَاءِ

*Waaqni nama fedhe,karaa haqaati qajeelcha, waan inni qajeeloo filataa beekhef,

وَيَهْدِي مِنْ شَاءِ

*Hundi keessan guyyaa boruu, gaafatamu'uuf jiraattan,

وَلَسْتُمْ

93} *Waan addunya'arratti dalaydanirraa, duuba gaafas namuu akka maluun, jaza argata

عَمَّا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٩٣﴾

*Kakuu teessan, waan waliin gantan, hin godhatinaa,wal ganu'uu jecha kakuu, booda diigu'uu teessan, hin kakatinaa, kun haala

وَلَا نَتَّخِذُ وَا أَيْمَانَكُمْ دَخَلًا بَيْنَكُمْ

gaari'ii mitii,

*Sababaa sanii jecha faanti teessan karaa
islaamarraa mucucaattee mayxii, eega karaa
islaamarratti jaabaattee,

*Duuba azaaba dhandhamtanii,

*Sababaa karaa Rabbii, baallama guutu`urraa

if dhoowwitaniif, takkaa nama biraa dhoowwitaniif, waan namni biraa hoggaa
isin baallama diyydan, isinirratti laallatee diiguf, takkaa islaamarraa dhaabbat-
aniif, maalif namni baallama diigu nama hunda biratti gadi galoo, namaati,
tanaaf jecha kuffaarri islaamayuu fedhu, hoggaa nama islaamaa, kan baallama
diigu arge, islaamatti seenu`urraa dhaabbata, akkanatti namni baallama diigu
islaamarraa nama ittisa, tanaaf Rabbiin qixaaxa warra baallama diiguu jabe-
essee, akki isaani je'e;

94} *Isin warri baallama diigu, aakhira'atti
azaaba guddaa, jabaa, qabdan.

*Addunyaa hin jirre, xiqqoo tanaa jettanii,
baallama Rabbii hin diiginaa, Rabbumaa
jecha baallama, Rabbiif seentan , kan nam-
aaf seentan guutaa

*Sawaaba, yookaa galata, yoo baallama gu-
uttan, Rabbi biraa argattantu,

*Waan addunya'arraa argattan hundarraa
caalaa,

95} *Odo beytanii.

*Maalif wanni isin addunya'arraa argattan ni
dhumti, waan zalaalamii hafuu miti

*Ammoo wanni aakhira'atti Rabbirraa arga-
ttan waan hin dhumne, kan zalaalamii hafee
ittiin qanani'an takkaa qananiitan

*Warra baallama guutu'urratti obse, kan cin-
qii hunda ba'atee baallama guutef sawaaba
kennina,

96} *Sawaaba, sawaaba ibaadaa birarratti
argatan caalu argatan.

*Namni waan gaarii addunya'arratti dalage,

*Dhiiraa dhala'arraa,

فَنَزَّلْنَا قَدَمًا بَعْدَ نُوبَتِهَا

وَنَذُرُوا السُّوءَ

بِمَا صَدَدْتُمْ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

وَلَكُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿٩٤﴾ وَلَا

تَشْتَرُوا بِعَهْدِ اللَّهِ ثَمَنًا قَلِيلًا

إِنَّمَا عِنْدَ اللَّهِ

هُوَ خَيْرٌ لَّكُمْ

إِنْ كُنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٩٥﴾ مَا

عِنْدَكُمْ يَنْفَدُ

وَمَا عِنْدَ اللَّهِ بَاقٍ

وَلَنَجْزِيَنَ الَّذِينَ صَبَرُوا أَجْرَهُمْ

بِأَحْسَنِ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٩٦﴾

مَنْ عَمِلَ صَالِحًا

مِنْ ذَكَرٍ أَوْ أُنْثَى

*Isaa Rabbitti amanee jiru, sharxiin waan gaarii dalaganirratti sawaaba yookaa galata argatu'uu, Rabbii sawaaba san harkaa qabutti amanu'uu, dhugo'oomsu'uu

وهو موين

*Nama san, jiruu gaarii, isa jiraachifna

فَلَنَحْيِيَنَّهٗ حَيٰوةً طَيِّبَةً

horii isaa kennu'uun, takkaa horii isatti busheessee, bolola irraa deemsisu'uun, hanguma argate, isa jaallachiisee, aminfachiisu'uun, ammoo kaafirri yoo horii dhabe, azaaba keessa jiraa, yoo horii argate, horii biraa ida'atu'uuf, halkanii guyyaa bololaa inuma hin quufu, tanaaf nabi Muhammad mu'minni qochimaa tokkotti nyaataa, kaafira qochimaa torbatti nyaata je'an, nageenyi isaanirratti haa jiraatuu,

97} *Warra akkasitti tole san, sawaaba isaanii sawaaba irra gaarii, waan isaan dalaganii goonee isaanii kennina.

وَلَنَجْزِيَنَّهُمْ أَجْرَهُم بِأَحْسَنِ مَا كَانُوا

يَعْمَلُونَ ﴿٩٧﴾ فَإِذَا

*Hoggaa qur'aana qara'uu feete,

قَرَأَتِ الْقُرْآنَ

98} *Sheyxaana fufama'arraa, Rabbitti maganfadhū {أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ} {akguuzhu billaahi minasshayxaanirrajiim} je'ii, akka sheyxaanni, si waswaasee, arraba sin jallifne

فَأَسْتَعِذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ ﴿٩٨﴾

*Sheyxaanni, irree warra Rabbitti dhuga'aan amanee injifatu, hin qabu,

إِنَّهُ لَيْسَ لَهُ سُلْطٰنٌ عَلَى الَّذِينَ ءَامَنُوا

99} *Warra Rabbitti irkatu kan sheyxaanaffii, waan hamtuu hundarraa, Rabbitti maganfatu, kanneen gara Rabbii dheysan

وَعَلَىٰ رَبِّهِمْ يَتَوَكَّلُونَ ﴿٩٩﴾

*Sheyxaanni, warruma isa dhagayee, waan inni ja'u dalagurratti, humna qaba,

إِنَّمَا سُلْطٰنُهُ عَلَى الَّذِينَ يَتَوَلَّوْنَهُ

100} *Warra sheyxaana Rabbitti qixxeessu, isaanuma jallisee, karaa Rabbirraa baasa malee, warra Rabbi dhugo'oomsee, isatti irkatu, waa takka miidhuu, yookaa jallisuu, hin dandayu

وَالَّذِينَ هُمْ بِهِ مُشْرِكُونَ ﴿١٠٠﴾

*Hoggaa aayata qur'aanaa takka, fuunee

وَإِذَا بَدَّلْنَا آيَةً مَّكَانَ آيَةٍ

bakka isi'ii aayata biraa buufne, takkaa aayata odoo isii hin heyn'e, makgnaa aayata sanii, yookaa heera isi'ii jirjiirre, waan dantaan gabroottan keenyaa keessa jirtuuf,

*Rabbiin waan buusu ni beekhaa , waan

وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا يُزَكُّ

faaydan gabroottan isaa, keessa jirtu beekhaa, Rabbiin aayata takkaa deemsisee ta biraa fiduu qabaa, kan isarra, waan gabroottan isaatii, ar'aa boru tolu beekhu, hin jiruu, duuba Rabbiin akkas goonan,

*Kuffaarri akki nabi muhammadiin je'e,

قَالُوا

*Sumaatu kijiba if biraa kaasee , aayata duraan jirtu, haqee, aayata biraa fide, ammallee heera duraan jiru, deemsisee, heera biraa fide je'an, duuba Rabbiin akki je'e;

إِنَّمَا أَنْتَ مُفْتَرٍ

101}*Irra hedduun kuffaaraa ,waan qur`aa-

بَلْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿١٠١﴾ قُلْ

nni taye ammallee bu'aa, aayata takka jirjiirun, waan haraamii halaalessee, waan duraan halaalii haraameysuun qabu, hin beekhanii tanaaf waan Rabbiin dalage moroman.

*Ormi kuffaaraa saniin akka jettu aayata

نَزَلَهُ رُوحُ الْقُدُسِ مِنْ رَبِّكَ بِالْحَقِّ

duraatiffii ta boodallee, heera duraatiffii kan boodallee, an if biraa kaasee hin finnee, yookaa hin jennee, Rabbirraa ruuhgulqudsi, haqaan narratti buuse je'iin,

*Wanni Rabbiin qur'aana narratti buusef, warra Rabbitti amane, haqarratti jabeess-u'uufi sababaa isatti amananiif, ragaa isa keessa jiru qabatani

لِيُثَبِّتَ الَّذِينَ ءَامَنُوا

*Ammallee isaa jallinarraa qajeello'otti baasu,

وَهَدَى

*Isaa jannataan gammachiisu,

وَبَشَّرِ

102}*Warra islaamaye amane,qur'aana akkanaatin, ruuhgulqudsi natti dhufe ji'aiiin, ruuhgulqudsi {jibriil} makgnaan {ruuhgii} jechu'u xaliila jechu'

لِلْمُسْلِمِينَ ﴿١٠٢﴾

*Waan kuffaarri je'u dhuga'aan beyna, wanni isaan je'an;

وَلَقَدْ نَعْلَمُ أَنَّهُمْ يَقُولُونَ

*Namaatu qur'aana kana isa barsiisaa waa

إِنَّمَا يَعْلَمُهُ بَشَرٌ

Rabbirraa itti buune je'an, namni isaan isaatu barsiise je'an namicha tokko, kan nasgaara'aa, kan araban tayin, kan towraat beeku, kan makka taa'u, kan nabi Muhammadiin wal beekan, duuba isa santu, qur'aana Muhammad barsiise je'an, jennaan Rabbiin akki je'een;

*Afaan namicha, nama kanaatu, Muhammad waa barsiisa, isaan je'an,takkaa itti

لِسَانِ الَّذِي يُلْحِدُونَ إِلَيْهِ

irkisan ,

*Afaan ajami, namichi sun afaan arabaa akkaan hin beekhuu,

103}*Ammoo qur'aanni Muhammad isaani-

rratti qara'u, afaan arabaa, adii, isaan beekhanii, kan loqoduun keessan jirree, akkamiin mee qur'aana akkanaa kana, namni afaan arabaa hin beyne, isa barsiisa?

*Warra aayata Rabbitti, hin amanne, kan qur'aana hin dhugo'oomsine,

*Rabbiin karaa jannataa isaan hin qajeelchu,

104}*Isaan azaaba isaan laalessu qaban.

*Warri kijiba oofu,

*Warra aayata Rabbii, qur'aana hin dhugo'oomsine, kan Rabbiin hin buufnee, namaatu je'e je'u,

105}*Isaan sun, isaanumaatu kijiboota nama biraatii mitii.

*Namni eega amanee, deebi'ee Rabbitti kafare, inni qixaaxa jabaa qaba,

*Nama, jecha nama kafarsiisu je'i, je'aniinii, itti giddamee, je'e yoo taate malee, akka Rabbiin sadii je'i, je'aniinii, itti dirqamee je'u-udhatii,

*Kan qalbiin isaa, iimaana gad hin dhiisin

kan shakkiin qalbii isaa hin galin, namni akkanatti namni dirqi'iin kafarsiise, duuba du'a jalaa bayu'uu jecha waan nama kafarsiisu dubbate, islaamummaa gara'atti qabatee, dilii hin qabu, hin kafaru,

*Ammoo namni, namni kafari jennaanin, qalbii banee kufrii jaalatee, waan itti dirqame garumaan je'e, sun kafaree,

106}*Jara akkanatti eega islaamayee, deebi'ee, jaalalaan kafare san, dallansuu Rabbiititu isaanirratti jira, ammallee azaaba jabaa-dhatu isaanii qophaaye.

*Isaan qixaaxa guddaa san qixaaxamuun,

أَعْجَبِي

وَهَذَا لِسَانَ عَرَبِيٍّ مُّبِينٍ ﴿١٠٣﴾

إِنَّ الَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِعَايَتِ اللَّهِ

لَا يَهْدِيهِمُ اللَّهُ

وَلَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿١٠٤﴾

إِنَّمَا يَفْتَرِي الْكَذِبَ

الَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِعَايَتِ اللَّهِ

وَأُولَئِكَ هُمُ الْكَذِبُونَ ﴿١٠٥﴾

مَنْ كَفَرَ بِاللَّهِ مِنْ بَعْدِ إِيمَانِهِ

إِلَّا مِنْ أُنْكُرِهِ

وَقَلْبُهُ مُّطْمَئِنٌّ بِالْإِيمَانِ

وَلَكِنْ مَنْ شَرَحَ بِالْكَفْرِ صَدْرًا

فَعَلَيْهِمْ غَضَبٌ مِنَ اللَّهِ وَلَهُمْ عَذَابٌ

عَظِيمٌ ﴿١٠٦﴾

ذَلِكَ

*Sababaa isaan aakhiraa dhiisanii, addunyaa maraxataniif,

107} *Ammallee waan Rabbiin, warra kafare, karaa azaabaa malee, karaa jannataa hin qajeelchineef, qixaaxa jabaa qixaaxaman

*Jarri eega islaamayee, islaamarraa deebi'e sun, warra Rabbiin qalbiin isaanii cufe, hanga haqaan eehamne takkatti

*Kanneen gurra isaanii cufe, hanga haqa hin dhageenye takkatti,

*Kanneen ija isaanii cufe, hanga haqa hin agarre takkatti,

108} *Isaan warra waan Rabbiin isaanii qopheesse akkaan dagate.

*Shakkiin hin jiru wanni ragga'e,

109} *Jarri eega islaamayee kafare sun, aakhira'atti isaanuma, warri akkaan deege, yookaa khasaarama, waan ibidda zalaalam-i'itti gubatu'uu jiraataniif jecha.

*Duuba Rabbiin kee, warra biyya kuffaararraa, diin ifii guddisu'uu jecha, godaanef akka isaan gargaaru if qabee jira, yoo dhugumaan Rabbiin je'anii biyya isaanitti godaanan

*Eega kuffaarri isaan cinqee, kufri'itti isaan giddee, islaama gara'atti qabataniin, afaanin kafaranii, biyya islaamatti galanii,

*Jihaada, yookaa qabsoo kuffaara, warra Rabbiin hin beynetti godhanii, ibaadaa Rabbiirratti, jihaadarratti obsan, Rabbiin isaan gargaara xilaatarra isaan aansa,

110} *Maalif Rabbiin kee, eega akkasitti

mokkoramanii, hijraa bayanii, jihaada godhanii, obsanii, dilii isaanii isaanif ararama, rahgmata isaanif godha, waan isaan fedhan hunda isaanif kennu'uun.

*Guyyaa lubbuun hundi, yaa Rabbi na basi, jettee, ifuma baasu'uuf moromtu, takkaa dhaabbattu, kan san malee, wanni biraa isii hin yaachifne,

بِأَنَّهُمْ اسْتَحَبُّوا الْحَيَاةَ الدُّنْيَا عَلَى الْآخِرَةِ

وَأَنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الْكَافِرِينَ ﴿١٠٧﴾

أُولَئِكَ الَّذِينَ طَبَعَ اللَّهُ عَلَى قُلُوبِهِمْ

وَسَمِعِهِمْ

وَأَبْصَرِهِمْ

وَأُولَئِكَ هُمُ الْغَافِلُونَ ﴿١٠٨﴾

لَا جُرْمَ

أَنَّهُمْ فِي الْآخِرَةِ هُمُ الْخَاسِرُونَ ﴿١٠٩﴾

ثُمَّ إِنَّ رَبَّكَ لِلَّذِينَ هَاجَرُوا

مِنْ بَعْدِ مَا فَتَنُوا

ثُمَّ جَاهَدُوا وَاصْبِرُوا

إِنَّ رَبَّكَ مِنْ بَعْدِهَا لَغَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿١١٠﴾

﴿١١٠﴾ يَوْمَ تَأْتِي كُلُّ نَفْسٍ تُجَادِلُ عَنْ نَفْسِهَا

*Kan lubbuun hundi waan addunya'arratti dalayde mudattu,kheyrii taatuu, sharrii taatuu, toltuu taatuu, hamtuu taatuu,

وَتُوفِّيَ كُلُّ نَفْسٍ مَّا عَمِلَتْ

111}*Kan nam tokkolleen hin miidhamne

وَهُمْ لَا يَظْلَمُونَ ﴿١١١﴾

hamtuu isaan hin dalagin, isaanirraa kaayu'uun, toltuu isaan dalagan duraa ir'isu'uun, guyyaa san Rabbiin jara sanii rahmata godhee jannata isaan seensisa guyyaa sun guyyaa qiyaama'aatii.

*Rabbiin biyya takka, fakkeessa'aaf dubbate ,bitti sun makkaafii warra makkaatii,

وَصَرَِبَ اللَّهُ مَثَلًا قَرِيَةً

*Bitti sun nagaya argatuu turte, kan nam tokko itti duulee, isii hin rifachiifne,

كَانَتْ ءَامِنَةً

*Tan if amantee,das jettee teessu, tan rakkoodhafii, sodaa fa'aaf irraa godaanuu hin so-daanne, nagayaan teessu,

مُطْمَئِنَةً

*Kan rizqiin yookaa nyaanni isi'ii bal'odhatti isi'ii dhufu,

يَأْتِيهَا رِزْقُهَا رَغَدًا

*Biyya hundarraa, bakka hundarraa,

مِنْ كُلِّ مَكَانٍ

*Duuba waan Rabbiin isi'ii, kanneen quuftee, Rabbitti kafarte, bakka galata isaa galchitu,

فَكَفَرْتَ يَا نَعْمَ اللَّهُ

*Duuba Rabbiin abaara itti buusee, beela dhandhamsiise, eega quufan qooqanii,

فَإِذْ قَهَا اللَّهُ لِيَّاسَ الْجُوعِ

*Ammallee nagaya duraan, qaban, irraa deemsisee, sodaa warra isaan miidhu'uu deemu, itti gad lakkise,

وَالْخَوْفِ

112}*Sababaa waan isaan dalaganiitif, balaa isaanitti buuse.

بِمَا كَانُوا يَصْنَعُونَ ﴿١١٢﴾

*Warra makkaa san, ergamaan isaan beekan inni nabi Muhammadii dhugumaan isaanitti dhufe,karaa haqaa isaanii beysisu'uu jecha,

وَلَقَدْ جَاءَهُمْ رَسُولٌ مِنْهُمْ

*Duuba isa qeebaluu didanii, kijibsiisan ,□

فَكَذَّبُوهُ

*Hoggaa san azaabni beelatiifii, kan soda'a'aa isaan fuudhee, bara torba roobni irraa citee, lola badrii keessatti dhumanii, takkaa boojiyaman,

فَأَخَذَهُمُ الْعَذَابُ

113}*Isaanii cubbuu dalagu.

وَهُمْ ظَالِمُونَ ﴿١١٣﴾

*Isin yaa warra Rabbitti amane, dhugo'oomse, waan Rabbiin isinii kennerraa nyaadhaa
*Waan Rabbiin keessan halaala isinii godhee qalbiin teessan jaalattu,

114}*Nikgmaa Rabbii keessanii beeka'aa galata isaa galchaa yoo kan dhuga'aan isa ibaaddan taatan.

*Wanni Rabbiin, nyaatuu isin dhoowwe, bakhti'i waan hin gorra'amini, waan dhiiyni isii keessatti hafee, foonaa balleessuf jecha,
*Ammallee dhiiga, tiru'uufii, rajijii hin tayin, nyaatu'urraa isin dhoowwe, waan inni dafee baduuf jecha

*Ammallee foon karkarro'oo nyaatuu isin dhowwe, waan inni dhukkuba hamaa namatti fiduuf jecha,

*Ammallee waan maqaa, maqaa Rabbii hin tayiniin gorra'ame, nyaatuu Rabbiin isin dhowwe, sun waan akka horii maqaa mukaa, yookaa jinni'ii dhawanii gorra'aniitii,

*Namni waan dubbatame, kan irraa dhoow-

wamtan nyaatu'utti dirqame, waan biraa kan nyaatu dhabee, kan waa ball-eessu'uu hin deemne, yookaa hin nyaanne, kan nyaatee wasanaa hin baane, inni dilii hin qabu,

115}*Rabbiin warra karaa kanaan nyaatef, ni araaramaa, ammallee waan san nyaatuu isaanii baqqaasisu'uun rahgmata isaanii godhee

*Kijiba hin dubbatinaa, waan arrabni keessan je'u jala deemtanii,

*Kun halaali, kun haraami jettanii, waan Rabbiin hin halaalesiniin takkaa hin haraamessiniin.

*Kijiba Rabbirraa kaayu'uu jecha, waan inni hin je'in isaatu je'e, takkaa Isaatu halaalesse, takkaa haraamesse jettanii,

*Warri kijiba Rabbirraa kaayu, waan inni hin je'in isaatu je'e je'anii,

فَكُلُوا مِمَّا رَزَقَكُمُ اللَّهُ

حَلَالًا طَيِّبًا

وَأَشْكُرُوا نِعْمَتَ اللَّهِ إِنَّ كُنتُمْ إِيَّاهُ

تَعْبُدُونَ ﴿١١٤﴾

إِنَّمَا حَرَّمَ عَلَيْكُمُ الْمَيْتَةَ

وَالدَّمَّ وَالْحَمَّ الْخَنِزِيرِ

وَمَا أَهْلَ لَيْعٍ لِّلَّهِ بِهِ

فَمَن أَضْطَرَّ عَيْرَ بَإِغٍ وَلَا عَادٍ

فَاتَّكَ اللَّهُ غَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿١١٥﴾

وَلَا تَقُولُوا لِمَا تَصِفُ أَلْسِنَتُكُمُ الْكَذِبَ

هَذَا حَلَالٌ وَهَذَا حَرَامٌ

لِنَفْتَرُوا عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ

إِنَّ الَّذِينَ يَفْتَرُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ

116}*Isaan hin milkaayan azaabarraa nagaya hin bayan.

لَا يَفْلِحُونَ ﴿١١٦﴾

*Isaan addunya'arratti, kijiba kanaan, waa xiqqo qanani'anii,

مَتَّعٌ قَلِيلٌ

117}*Ammoo aakhira'atti, azaaba isaan laalessu qaban.

وَهُمْ عَذَابِ الْآلِيمِ ﴿١١٧﴾

*Orma yahuuda'arratti ,

وَعَلَى الَّذِينَ هَادُوا

*Haraam, yookaa dhoowwama goonee jirra,

حَرَمًا

*Waan tanaan dura suuraa { angkaam }

مَا قَصَصْنَا عَلَيْكَ مِنْ قَبْلُ

keessatti sii odeessine, sun waan kottee qabu, kan kotteen isaa adda hin baane, kan akka gaalaa fa'a, ammas hori'iifii re'ee fa'arraa, moora garaachaa, kan kale'ee isaanirratti haraam goonee jirra,

*Nuti waan san, isaanirratti haraam godhu'uun, isaanitti hin roorrifne, isaan hin miine, sababaa malee, isaanirratti haraamissinee,

وَمَا ظَلَمْنَاهُمْ

118}*Haa tayuu isaantu dilii waan san haraamessitu dalaguudhan if miidhe, kan isaan qixaaxuudhaa jecha, haraam isaanirratti goone

وَلَكِنْ كَانُوا أَنْفُسَهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿١١٨﴾

*Eegasii Rabbiin kee, warra wallaalan dilii dalagee,

ثُمَّ إِنَّ رَبَّكَ لِلذَّيْبِ عَمِلُوا الشُّعُوبَ بِجَهْلَةٍ

*Duuba eega sanii, waan hamtuu sanerraa deebi'anii,

ثُمَّ تَابُوا مِنْ بَعْدِ ذَلِكَ

*Waan balleessan tolchan,

وَأَصْلَحُوا

119}*Jara saniif Rabbiin kee eega isaan akkasitti towbatanii, takkaa gara Rabbii deebi'anii, ni araarama, ammallee rahgmata isaanii godha, towbaadharratti isaan jebesuudhan. □

إِنَّ رَبَّكَ مِنْ بَعْدِهَا لَغَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿١١٩﴾

*Nabi ibraahiim kophaa isaa imaama namni jala demu, kan haala gaarii hunda walitti qabate tayee jira,

إِنَّ إِبْرَاهِيمَ كَانَ أُمَّةً

*Kan dubbii Rabbii isaa akkaan dhagayu yookaa Rabbii isaa akkaan ibaadu,

قَانِتًا لِلَّهِ

*Kan jallinarra gara karaa, yookaa diinaa haqaa gore, yookaa jallate,

حَنِيفًا

120}*Inni abaduma, warra Rabbitti waa qindeessurraa hin taane,inni nama Rabbii tokkichaaf, lubbuu ifii kenne, akka kuffaarri qureyshi'ii yaaduu mitii

وَلَمْ يَكُ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿١٢٠﴾

*Isaa Rabbii isaatif waan inni isaaf kenne-ratti akkaan galata galchu,

شَاكِرًا لِأَنْعَمِهِ ۚ

*Rabbiin isa filatee,

أَجْتَنِبَهُ

121}*Karaa diriiraa,kan tokkummaa Rabbii yaadu'uu isa qajeelche.

وَهَدَاهُ إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿١٢١﴾

*Nabi ibraahiimif, addunyaa tanarratti , yaa

وَأَتَيْنَاهُ فِي الدُّنْيَا حَسَنَةً

tanarratti, waan gaarii kenninee jirra, sun namni hundi waan gaari'in isa dubbatu'uu, warra amantii qabu, hunda biratti inni faarfama'aa, namni hamtu'uun isa dubbatu hin jiru,

122}*Ammoo nabi ibraahiim aakhira'atti warra tolee, itti tolte,kanneen darajaa gud-doo, Rabbi biraa qaburraayi

وَأِنَّهُ فِي الآخِرَةِ لَمِنَ الصَّالِحِينَ ﴿١٢٢﴾

*Duuba kanumaan wajji yaa ergamaa kiyya Muhammad karaa nabi ibraahiim ,karaa tokkummaa Rabbii yaadu'uu, deemi, siin jennee, sitti dhaamne

ثُمَّ أَوْحَيْنَا إِلَيْكَ أَنْ اتَّبِعْ مِلَّةَ إِبْرَاهِيمَ

*Ibraahiim,karaa jallaa hundarraa, gara haqaa jallate,

حَنِيفًا

123}*Inni warra Rabbitti waa qindeesu naa

وَمَا كَانَ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿١٢٣﴾

hin taane,kan imaama warra tokkummaa Rabbii yaadu hundaaf taye, akka yahuuda'aafii nasaaran, nuti diinaa ibraahiimirraa jirre jettee, sanumaan wajji, Rabbitti waa qindeessituu mitii .

*Guyyaa sabti'ii guddisuun isa keessa qurx-

إِنَّمَا جُعِلَ السَّبْتُ عَلَى الَّذِينَ اخْتَلَفُوا فِيهِ ۚ

ummee al'ooluu dhiisun,warra dubbii isaa keessatti wal dhaberra kaayame, isaan yahuudaadhaa,nabiyyiin isaanii, nabi muusan,torbaan keessaa guyyaa tokko ibaadaa Rabbiiifii godhaa, guyyaan sun, guyyaa jim'ataa haa tayuu jennaanin didanii guyyaa Rabbiin dachi'ii samii, uumu'urraa,raaw'ate feenaa, sun guyyaa sabti'iitii, sabtii nu godhi je'aniinii, akkasitti guyyaan ibaada'aaf, hara baafatanii, guddisan sabtii taye, haa tayuu isaan qixaaxu'uu jecha, Rabbiin guyyaa sabti'ii keessa, qurxummii al'oolu'urraa , isaan dhoowwe, duuba isaan didanii al'oollan, rabbiin garii isaanii jaldeessa godhee, garii isaanii karkarroo godhe, akkanatti isaan falamaa jabeessinaan, Rabbiin isaanitti jabeesse, odoo silaa

nabi muusaa dhagayanii, guyyaa jum'ataa jaalatanii, hin rakkatanii hin qixa-
axaman,

*Rabbiin kee guyyaa boruu yookaa qiyaam-
a'aa isaan jiddu'utti, firdii godhu'uu taa'a,

124}*Waan isaan irratti wal dhaban kees-
satti warra haqarra jiru jannata seensisee,
kan haqarraa baye, qixaaxee, waan isaan itti
balleessaniif.

*Karaa Rabii keetitti nama yaami, qur'aana
barsiisu'uun, heera isaa qabsiisu'uun,

*Ammallee gorsa gaari'iin dubbii laaftu'uun
islaamatti nama yaami,

*Ormi kuffaaraa kan islaamatti yaamtu ama-

tti yaamtu san, yoo falamaan yookaa moromaan isin jiddu'utti argamte, karaa
gaari'iin wajji falmi, karaa dubbii laaffiftee, bareechitee, qabbaneessitee, ragaa
dafee dubbii isaanii galchu, isaanii fidu'utinin, kan dubbi'iin, isaanifii, waan
isaan fedhanillee, daftee hin waraanne,

*Rabbiin kee nama karaa isarraa maqe ni
beeka,

125}*Ammallee inni nama qajeete ni beeka
,hundaafuu akka maluun jazaa galcha.

*Yoo namni isinitti balleessee, biiluu, hijaa,
irraa bayuu feetan,

*Waanuma inni isaan, isin miidhe saniin

isa miidhaa, irrann dabsinaa, sun nama nama ajjeese isuma ajjeesuu malee,
isaafii joollee isaa horii isaa nama isaa waliin balleessuu dhabuu, balleessaa
hunda balleessaa akka isi'iitin deebisuu,

*Yoo balleessaa, namni isinitti balleesse ob-
taniin, gadoo, yookaa biiluu bayu'urraa dhaa-
battan,

126}*Santu warra obsa qabuuf irra caala,

maalif? biilun biiluma fiddii, nama tokko kan du'eef, yoo biiluu yookaa haluu
baana je'anii ka'an, Namni hedduun gama lamaanii dhumuun oolu, manni hed-
duun onuun oolu, ilmaan hedduun hiyyoomuu hin oolan, ammoo yoo tokkich-
ma du'e sanirratti obsanii, araaraman, santu gama lamaanifuu irra caala, tok-
icha ajjeesse karaa heeratiin yoo ajjeesanis balaan nama hunda wal geessu ni
dhabamti. Gaafa lola uhud, kuffaarri asaabaa nabi Muhammadirraa nama hed-
uu ajjeese, kan akka leenca Rabii, adeera nabi Muhammad hamza'aa, kan diin

وَإِنَّ رَبَّكَ لَيَحْكُمُ بَيْنَهُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

فِيمَا كَانُوا فِيهِ يَخْتَلِفُونَ ﴿١٢٤﴾

ادْعُ إِلَى سَبِيلِ رَبِّكَ بِالْحُكْمَةِ

وَالْمَوْعِظَةِ الْحَسَنَةِ

وَجِدْ لَهُمِ الْبَالِغَ الَّذِي هُوَ أَحْسَنُ

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ أَعْلَمُ بِمَنْ ضَلَّ عَنْ سَبِيلِهِ

وَهُوَ أَعْلَمُ بِالْمُهْتَدِينَ ﴿١٢٥﴾

وَإِنْ عَاقَبْتُمْ

فَعَاقِبُوا بِمِثْلِ مَا عُوِّقْتُمْ بِهِ

وَلَيْنَ صَبْرٌ

لَهُوَ خَيْرٌ لِلصَّابِرِينَ ﴿١٢٦﴾

islaamaa isaan jabaate, inumaa kuffarri ajjeessee hin dhiifnee, kaan gurra mur-anii, kaan garaa baqaysan. nabi Muhammad hoggaa adeera isaa leenca Rabbii kan kuffaarri akkas godhe argu, bakka hamzaa tokkichaa kuffaaratti duulee , nam torbaatama ajjeesee ,akka isaan godhan godhuun oolu je'e. hoggaa san Rabbiin yoo biiluu bayuu feetan hanguma isaan isinitti dalagan, isinis isaanitti dalagaa, hoggaa taan motumaanuu biiluu bayuu dhiisaa santu isinii irra caalaa je'eenii, ammas nabi Muhammadiin akki je'e.

*Balaa sitti buuterratti obsi , sabbari,

وَأَصْبِرْ

*Rabbiitu obsa sii kennaa,

وَمَا صَبْرُكَ إِلَّا بِاللَّهِ

*Kuffaarri yoo amanuu baate, maalif amanuu oolan jettee hin yaaddawin ,

وَلَا تَحْزَنْ عَلَيْهِمْ

*Ammallee hin rakkatin,

وَلَا تَأْكُفِ فِي ضَيْقِ

127} *Waan kuffaarri sitti dalagu'uu deemuu jettee, hin rakkatin nuutu irratti si gargaaraa.

مِمَّا يَمْكُرُونَ ﴿١٢٧﴾

*Rabbiin warra isa soda'aaf, cubbuu dhiisu,

إِنَّ اللَّهَ مَعَ الَّذِينَ اتَّقَوْا

128} *Jara waan Rabbiin je'uun tolchee ,dalaguun wajji jiraa,ni dirmataaf je'een, hoggaa san, nabiin Rabbii jennee obsine je'ee, gadoo kuffaararraa bayuu fedherra dhaabbate, nabi

وَالَّذِينَ هُمْ مُحْسِنُونَ ﴿١٢٨﴾